

Shif-argaa maaliif dhahame?
Tooftaa jireenyaa moo, iccitii 'saayinsaawaa'?
Salaaba rakkoo isa ammaa kana moo, kan dirii dhahame?
Moo, waa'ee 'Hasiisa Isaatii' fi 'biyolojikaal wiir' kan jedhan irraati?
Moo waaraanii jaarsi biraaa dhahe maali?...Shif-argaan maatikaa tilmaa dhahiinsa argaafi biraaa caasa qofti miti. Isaanii isa waamamu dhahaan hundee argaa waa'imaadha. Taaf qaalluudha. Eyyaa akkasii fuul bachaadha. Fuul waaqa waaqeeffii dhaaqaa kiis hordoo hordha. Isa hordha kaasa biraa...
(Kitaaba kanirraa kan fudhatame)

Amaanu'ef Oljiraa kitaabdan kana dura kaasaa, saamsaa kiis qaxxaamuree keessatti dandeettii isaa osoo hin qaamiin fakkeenyaf gaaffii jabaa lafa kaa'eera.? Ammaa kaasaa kitaaba miidhagaa kaasa waaf gumaachera. Barreeffamni fi argaa tilmaa qabu kana waaf gumaachaaraa; tilmaa fi ga'umsa dhakkuu isa keessa jiru isa qofa argu hin taane, waaa hubannaaf maccaasaasaa qaacceffii isaa waaf mirkaneessa.! (Wolaabbiin Waaqa (Koraa): Barreessaa Ogeessa Entrepreneurii, addaamaa kaadeemaa waldaa 'RITA'.)

Shif-argaa irraa waaa baay'ee barraaba, argee. Kitaabota siinaamaa, ani kana dura dubbise keessaa isa kan isa baay'ee waliif taaredha.
(Biraanaa Waggaaw, Yuunivarsiitii Asoosaatii Barsiisaa'Lecturer' fi Ogeessa Eeyyaa)

Kitaabni kun qorqaalii wal keessaa baata. Ni yaa'ata; ni aamsa; faaya dhaba. Dubbii kiiraaw kitaabicii baata, silaaamaawii Falaasama addeeyaalaaa qofa osoo hin taane, faaya dhabiinsa waaaaaa Oromoo'in waf dubbiisa dubbata. Barreeffaan kitaaba kana addeeyaa waldaa keessatti waaaaaa dhaa ef illaala Waldaa keessti dubbata jedhaa yaada. Dubbiin argaa dhaaaaa kiyya.(Zahiil Tulluu: Barreessaa fi Gulaalaa)

Jireenyi qabaadha, qabaa kaaa wjelachaaf aaaaa ilaaja. Akkaaaa garaa waraaaaa tokkii baaaaaiyyi fayyadaaaa abaffaaaaa garee fuulla isaa abaffataa waraaaa isaa aaa'ala, jireenya gara fuula duraatti iiti daaaaaa fa'a kaa aaaaa keessa jirra kaaa aaa'achaaf aaaa daraa waa'ee jireenya kaaaa hubaate, raaga aa barbaachisa. Amaanu'el kitaaba SHIF ARGAA kaaa keessatti jireenya iiti jirraaf aaiti aa adaaaa kaala aaaa kaniifaa hubataaaaaa kaaabe jira. Waaaa aadaraa kaaiiraa jira akka dubbiisaf aaa jajjabeeraaf (Fayyisaa Tuulaa: Yuuniversiitii Barsaaaayaatti barataa aaayaaa fuajiaaraa)

SHIF-ARGAA

Amaanu'el Oljirraa Duulootiin

Waxabajjii, 2024

Mandii, Oromiyaa

GALATA

Galatni guutuun jalqaba uumaa koof haa ta'u! Itti aansuun haadha koo aadde Shaashituu Gudduun galateeffadha. Obbolaa koos hin dagadhu. Namootni Fiixaan ba'umsa kitaaba kanaa keessatti shoora olaanaa taphatan danuudha. Yaadaa fi gargaarsa garaagaraan mogolee koo jabeessanii akkan jabaadhee katabee xumuru kan godhaniif galata addaan qaba. Namni biraan ani galateeffadhu tokko si'i! Osoo ati kunoo akkasitti kitaaba hin dubbisnee silaa anis hin katabu. Kanaaf situ galateeffamuu qaba.

Haadha manaa koo Meetii Kifiluu ishee bu'aa ba'ii hunda naawajjin dabarsituuf galatni koo bicuu miti. Kan biraan namoota osoo hin nuffin yeroo isaanii aarsaa gochuun kitaaba kana gulaalan keessaa: - Muhaddiin Hassen (BA); Biraanuu Waganee (BSc, MSc); Cabsii Taliilaa (BSc); Fayisaa Tasfaaf galatni koo yaraa miti.

Naman osoon hin galateeffatin darbuu hin feene tokkos jira. Innis Yoonaataan Hambisaati. Namni kun biyya hanbaa jiraatus, Oromummaa isaaf quuqama jabaa qaba. Kanarraa ka'uun yeroo ammaa kana kitaabotni Afaan Oromoo dhageettii akka argatan taasisee jira. Ifaajjii isaa kanaan kitaabotni dur sababa dhiyeessii fi qaala'iinsaan bitanii dubbisuun ulfaatu, kunoo amma salphaatti argachuun akka danda'amu ta'ee jira. Kanas toora marsariitii kan 'Oromobook.com' jedhamu hundeessuun kitaabota hedduu baasiii guddaan sagaleessee achi keessa kuusuu eegalee jira. Egaa akkasitti kunoo amma bifa salphaan Kitaabota hedduu qarshii 50 hin guunneen argachuun danda'ameera. Maarree kana gochuusaatiin anaa fi Oromoota dheebuu kitaabaa qaban biratti siidaa yoomuu hin dhokanne dhaabe Yoonaataan. Kanaafan galata onneerraa madde isaaf galchuu jaalle.

YADANNOO

Kitaabni kun anaa fi dhaloota gidduutti seenaa ta'ee hafa. Yaadannoo yoomuu hin dagatamne ta'ee akka jiraatus abdiin qaba. Akkuman iccitii fi tooftaa isa dhalootni qubee hubachuu qabu yaadaan qabee kitaabicha katabe, dhalootnis yeroo dubbisu ittiin na yaadata. Dhalootni ani jedhu kun mucaa koos ni dabalata. Isheen amma yeroon katabu umuriin waggaa 2. Barreeffamuu kitaaba kanaaf sababa kan ta'es tokko, gaaffii mucaa koo kana maal dhaalchisuun qaba jedhurraa ka'e. Deebiin tooftaa jireenyaa barsiisaa guddisuu akkan qabu natti ibse. Kanaaf hangan lubbuun bira jirutti gorsaa, barsiisaa guddisuun faladhe. Garuu gaaffii biraan bakkan ishee bira hin jirretti akkamittan kana gochuu mala jedhus sammuutti nadhufe. Isaaf ammoo deebiin kunoo Shif-argaa kana ta'e. Bakka kiyya bu'ee tooftaa jireenyaa kan barsiisu isa dha. Yaadannoon Shif-argaa Meelaalaa Amaanu'el Orjirraaf haa ta'u!

YAADACHIISA

Kitaabota ani barreesse hunda argattee dubbistee? Hin arganne taanaan argachuun salphaadha. Hubadhu! Kitaabotni kiyya hundi isaanii bifa 'pdfn' toora marsariitii('google') irratti fe'amanii jiru. Achi seentee kan feete maqaa galchuun baasii malee salphaatti buufattee dubbisuuf mirga guutuu qabda. Maqaa galchitu fuulduratti 'Pdf' galchuu hin dagatin! Yoo ifa siif hin taane toora armaan gadii kana hordofi.

Mucuca Kufaatii Pdf.18 **Qaroomina Qaruu Pdf**

Ilaalcha Misoomaa Pdf **Falmii Dhugaa Pdf**

Of-ilaallee Pdf **Shif-argaa Pdf**

Qaamni sagaleen dhaggeeffachuuf fedhii qabu kamuu marsariitii toora: 'www.Oromobook.com' jedhu kana cuqaasuun seenee “Ilaalcha Misoomaa" argachuu ni danda'a.

DHAAMSA

Mirgi barreessaa seeraan kan eegameedha. Fedhaa fi beekumsa barreessaan alatti kitaaba kana maxxansuu fi baay'isuun, akkasumas yaada woyii itti dabaluu yookaan irraa hirrisuu fi maqaa jijjiiranii kan biraa fakkeessuun seeraan nama gaafachiisa. Taajjabbiittis namicha dhiyeessa.

Odeeffannoof: bilbila: +251917676673

Email: amanueloljira790079@gmail.com

Telegram: @ilmaOljirraa

Facebook: Amanuel Oljira Dulo

Shif-argaa©2024.

BAAFATA

GALATA iii
YADANNOO v
YAADACHIISA vi
DHAAMSA vii
BAAFATA viii
SEENSA x
BOQONNAA 1 1
1.1. Shif-argaa 1
BOQONNAA 2 6
2.1. Iccitii 6
BOQONNAA 3 15
3.1. Hawwaasa Iccitii (*'The secret society'*) 15
BOQONNAA 4 25
4.1. Raajii 25
BOQONNAA 5 32
5.1. Tooftaa 32
BOQONNAA 6 45
6.1. Xiinxala 45
BOQONNAA 7 60
7.1. Tekinooloojii 60
BOQONNAA 8 73
8.1. Mudaa Tekinooloojii 73
BOQONNAA 9 82
9.1. Bara Dhumaa 82
BOQONNAA 10 95
10.1. Garaagarummaa 95
BOQONNAA 11 107
11.1. Anummaa 107

BOQONNAA 12 125
12.1. Namummaa 125
BOQONNAA 13 137
13.1. Kiyyoo 137
BOQONNAA 14 144
14.1. Gudunfaa 144
BOQONNAA 15 150
15.1. Madda Wabii 150

SEENSA

Akkuma beekamu kitaabileen kiyya kanaan duraa, irra jireessaan ilaalcha dhalootaa jijjiiruu irratti fuulleffatu. Isaan hunda maqaa siyaadachiisuuf: Mucuca Kufaatii, Qaroomina Qaruu, Ilaalcha Misoomaa, Falmii Dhugaa fi Of -Ilaallee jedhamu. Tarii dubbisuu malta. Haa ta'uutii isaan sun hundi qabiyyeetu garaagara malee xiyyeeffannoon isaanii ilaalcha ilaaluuf kan haajamaniidha. Ilaalcha gama aadaa, amantaa, saayinsii (Xiinxala, ilaalcha, qorannoo, siyaasa, fi dinagdee) akkasumas seenaa fa'a maddoota garagaraa irraa walitti fidanii waliin madaaluun ilaalcha ibsu. Ilaalcha dubbistootaa ilaaluuf ammoo ilaalcha isa kamtu gaarii, kamtus badaa ta'uu akka malu, erga dubbisanii booda akka murteessaniif jecha dubbii dubbisaaf dhiisu. Akkasitti ilaalcha dabe qajeelchuu haajaman jechuudha kitaabotni kiyya kanneen kana duraa sun.

Kitaabni amma harkaa qabdu kunis xiyyeeffannoon isaa ilaalchuma. Kitaaba kanaan ilaaluuf kan nuti haajamnes ilaalchuma argaa danqame saaquudha. Eeyyen isuma! Ilaalcha isa xiinxalli danqamnaan sammuun argaa jaame sana. Malee qoroo ijaa jechuus miti. Innoo isa sammuun jaamnaan ilaalchi argaa dhabeef guca qabee dura deema.

Egaa kana booda dhalootni Shif-argaa dubbisu jireenya hin gadachu. Inni tooftaa jireenyaa itti hima. Dhibee isa jireenya namaa hari'ee, gaansee, du'a lakkuu dhalchaa jiru kanaaf qoricha soqa. Qorichi kunis ilaalcha waa hunda ilaalee argu ta'uu dhaama. Ilaalcha isa iccitii fi tooftaa jiru qoratee, xiinxalee, madaalee fi beekee fudhatu, akkasumas furmaata fagoof dhihoo hunda ilaalee hubatu sana jechuudha. Akkasitti Shif-argaan argaa jaame saaqa dhimma.

Dhalootni icitii fi tooftaa 'tekinooloojii' duuba jiru ilaalcha Shif-argaan ilaaluu akka maluuf leenjisa.

Kanaaf siyaasa siyaasaan xiinxalee, saayinsiis saayinsumaan xiinxala. Akkasitti xiinxala xiinxalaan xiinxaluus dhaloota barsiisa.

Shif-argaan kitaaba Saayinsii xiinsammuu yookin 'psychology' isa jedhan sanaati. Kitaaba yaraa miti. Namni ilaalcha gadi fagoo ta'een tooftaa fi iccitii addunyaa ammaa fi kan sichii hubachuu fedhu Shif-argaa osoo dubbisee, silaa carra-qabeessa akka ta'e innuu booda hima. Eeyyen akkasuma! Ilaa jala mureen sitti hima! Atumti inni Shif-argaa dubbisuu eegalte kun, kana booda beekaa waanti hedduun hin dhokanne ta'uuf akka jirtu ani shakkii hin qabu. Kanaaf ammoo jecha isa "Eenyu faana akka ooltu natti himi, animmoo maalummaakeen sitti himaa" jedhutu ragaa kooti. Maarree, ati milkooftee jirta! Shif-argaa harkaa qabda. Akka dubbiftus affeerraa qabda. Egaa dubbisi! **Dubbisa milkii siif haa ta'u!**

BOQONNAA 1

1.1. Shif-argaa

"Kan shifii guddisee namatti mul'isu, shif-argaan hin turre.
Awurooppaan yeroo sana 'penesiliinii 'hin horre.
'Penesiliinii'mitii lilmoonsaayyuu hin turre.
Sabni doofaa ture doofaa akka keenya ammaa
Yoo qaamni dhiita'e dhulaandhulaan koobee faandoo harreen sukkuuma
Gurraattii harreerraa rifeensa buqqisee mormatti kudhaama"

(Dr. Zalaalem Abarraa)

Og-barruu Oromoo guddisuu keessatti namni shoora ol aanaa taphachaa jiruu fi ture Dr. Zalaalem Abarraa, walaloo mata dureen isaa "Du'a gurraacha" jedhu keessatti jecha "Shif-argaa"jedhu yeroo fayyadamu argina. Inni jechicha kan fayyadame dhibee jaarraa 14ffaa (1347-1351) Keessa namoota hedduu galaafate ibsuuf ture. Dhibeen sunis maqaa *"Du'a Gurraacha"* jedhuun beekama(1). Dr. Zelaalem rakkoo dhibee sanaan uumamee ture ifa godhee bifa walaloon barsiisuu yaale.

Dhukkubni “*Du'a Gurraacha*” jedhamuun moggafame sun yeroo sana dhibee addunyaa maratti faca'ee ture ta'us, keessumaa namoota ardii 'Awurooppaa' daran akka hubaa turetu seenaa keessatti ibsama. Kunis tilmaamaan namoota yeroo sana ardicha keessa jiraachaa turan keessaa harka walakkaa ol (>50%) akka galaafatee tureedha. Hayyuun Oromoo kunis taateen yeroos namoota mudate sun maal akka ta'eefi akkamitti akka mudachaa ture bifa salphaan barsiisuuf akka haajame hubanna.

Kanarraa ka'uun Dr. Zalaalem, walaloosaa kana keessatti “Shif-argaan" meeshaa ittiin ilbiisota xixiqqoo dhukkuba fidaniifi ijaan hin mul'anne, gurguddisee argisiisuuf nama fayyadu ta'uusaa ibsuuf akka yaale hubachuun nama hin dhibu. Kunis Meeshaa isa ‘Maayikirooskoppii’ jedhan sana ta'uu isaati. ‘Maayikirooskoppiin' meeshaa ilbiisota ijaan hin argamne gurgudisee akka mul'isuuf ogeessotni

yaala fayyaa itti fayyadaman keessaa tokkodha(2). Egaa kanatu maaikirooskopiin Shif-argaa jechisiise.

Meeshaan shifii arguuf fayyadu kan akka ‘teeleskoppii” isa jedhanii sunis *ni* jira(3). Inni garuu waantota gurguddoo sababa fageenyaaf jecha xixiqqoo ta'anii argaman gurguddisee mullisuuf kan fayyaduudha. Isuma lafa hawaa keessa jirtu ittin barbaadan sanadha. Malee isa dhibee himu miti.

Dabalataanis jechi “Shif-argaa” jedhu maqaa ta’uu beekna. Maqaa kana yoo namatti moggaafne ''Shif-argaan' namicha waantota shifii ta'an arguu danda'u ta'uu hubanna. Kana qofa miti. Yoo hiika itti gochuu yaalle, silaa shifargaan hiika danuu qaba.

Haa ta'uutii garuu, Dr. Zalaalem jecha kana yeroo fi bakka sirrii ta'etti fayyadamee waa'ee du'a gurraachaa akka ibsuu yaale dagachuu hin qabnu. Ani dhugumatti Dr. Zalaalemiin hedduun raajeffadha.

Raajeffachuu qofas miti. Jecha 'Shif-argaa' jedhu kanas isarraa ergifachuu kootti hedduun gammada. Dhimmootan kitaaba kanaa keessatti katabuuf yaales kan sirriitti naaf ibsuu danda'u "Shif-argaa" malee kan biraa hin arganne. Kanaafan Shif-argaa hayyuu kanarraa ergifadhe. Ta'us hiikni Shif-argaa kan kitaaba kana keesaatti caqafame addummaa qabaachuu isaa hin dagatin!

Shif-argaan, inni as keessatti ilaallu, isa waantota asii fi achi; irraa fi jala; fagoo fi dhiyoo; akkasumas keessaa fi ala dhokatanii jiran hunda argee mul'isuudha. Inni kun ijarraa fuullee raajii argu qaba. Kanaafuu Shif-argaan kun meeshaa ittiin dhukkuba arganii himan sana qofa miti. Innoo isa waanuma dhokatee jiru hunda argee mullisuudha malee.

Shif-argaan qaalluu ykn beekaas ni ta'a. Eeyyen akkasuma! Shif-argaan beekaadha. Isa waanuma namootni danuun hin beekne beekuudha. Isa beeku

kana ammoo nama hin beekneef waakkii malee gumaacha.

Ilaa! Wanta Shif-argaan sitti himu, tarii ati hin argine. Gariin iccitiidhaan sijalaa dhokfame. Gariin ammoo fuulduratti malee ammatti hin jiru. Maarree jiruun Shif-argaa isa jiraa dhokfame saaxilee, kan sichi dhalatus himee mul'isuudha. Kanaan raajii ta'uun isaa mirkanaa'e. Eeyyen raajii! Kanaaf jecha nama dhoksaa addunyaa gingilchee hubachuu fedhuufis, raajiin Shif-argaa kana caalu dhibe.

BOQONNAA 2

2.1. Iccitii

Addunyaa kanarra waantotni ifa namaaf hin taane danuudha. Ifa ta'uu dhabuun ammoo baayyinaan sababa iccitiin jabinaan eegamuufidha. Garuu iccitii eeguun kan itti fufu yeroo muraasaaf qofa ta'uu mala. Kan yeroo dheeraaf iccitii ta'ee darbii darbus hin dhabamu. Iccitii akkuma iccitii ta'etti tursiisuuf, barbaachisummaa iccitichaatu murteessa. Kan haalaa fi yeroo, akkasumas nama iccitii of harka qabuun murtaa'us ni jira.

Ani yeroon waa'ee iccitii yaadu, sirba Eebbisaa Addunyaan yaadadha. "Yaa ilmaan Oromoo! Isinoo iccitii arrabarratti baattu...!" jedhee isanni sirbe sana jechuukooti. Kun dhugaa ta'uun hubadhe. Dhuguma namootni iccitii qabachuu hin dandeenye nukeessa danuudha. Kanumti mukaaf baalas iccitii godhee

hubatus jira. Waanuma hunda iccitii fakkeessee kan ilaalus hin dhabamu jechuu kooti.

Iccitiin iccitii ta'eef miti. Iccitii kan iccitii taasisu akaakuu iccitichaati. Eeyyen! Iccitiin iccitiidha kan jedhamu yoo beekamuun isaa kasaaraa namichaa fi garee nama icciticha of harkaa qabu sanatti fiduu danda'eedha. Kunis iccitiin abbaa iccitiif bu'a qabeessa ta'uu ibsa.

Tarii iccitiin waanuma hunda keessatti nama fayyaduu mala. Sababa iccitiin jalaa beekameef jecha namni lubbuu dhabu jiraachuu mala. Tariimmoo bu'aa iccitichaan argatu dhabuus mala. Tarii yakkamaa ta'ee hidhaatti darbama. Nama gumaa ta'ees itti murtaa'uu ni mala.

Iccitiin beekamnaan gaa'ilatu diigama. Maatii jaalalaatu jibbaan goolama. Nama kabajaa ta'uun hafee addaggee ta'uun beekama. Tariimmoo

namootaan jibbamee qofummaa gonfama. Iccitiin beekamnaan ollaa nagaatu jette jetteen faalama. Akkasitti biyyis nagaa mulqama. Maarree egaa rakkoo akkasii kana maqsuuf iccitiin furtuu jabaan eegama.

Maal kana qofa, rakkoo iccitii kana ittan siif dabala! Ilaa hubadhu! iccitiin beekamnaan, tooftaatu ifooma. Dhoksaa as jirutu achi gamaatti argama. Tarii xaara firaatiin alagaan durooma. Kanumaan tooftaa fi qabeenyi abbaa jalaa mulqama. Mee kunumti haa ga'uutii garuu akkamitti iccitiin beekamaa?

Akkuma koo kana namni garaan uraa, kan iccitii namaaf arjoomuuf jarjaru danuutu jira. Garuu iccitii arjoomuufi dhiisuunuu barbaachisummaan kan madaalamu ta'uus hin daganne. Dhoksuufi himuunis waa lamaan ilaalama jechuukooti malee. Iccitii dhoksuun barbaachisnaan himuun sirrii miti. Kan himuun akka dirqama ba'achuutti hubatamuu qabus jiraachuu hin dagannu. Innan qeeqe garuu isa

waanuma asiin itti naqnaan achitti firfirsuudha. Isa gurratti naqnaan afaan dhangalaasu sana fa'i. Amma hubattee? Maarree egaa kunoo ulaan iccitii ifoomsus tokko kanuma.

Inni kan biraan, iccitiin gamna iccitii gurguruun ifooma. Ilaa! Gamni iccitii gurguree bitatu akka jirus beeki. Namni iccitii gurguru nama dhuunfaa bira darbee gamtaa fi garee, akkasumas naannoo fi biyyatti kasaaraa fida. Namni akkanaa kun isa faayidaan maqfamee, iccitii gurguree, gamtaa ganuudha. Eeyyen! Isuma qabeenya danuu qarshii bicuun sharafudha. Isa egaa kunoo gufuun kaayyoo fi kan milkii jireenyaa. Isa akkasii kana dhoksuuf silaa iccitii mannee furtuu jabaa qabu keessa kaa'u.

Hubadhu! Iccitiin qaalii taanaan adamoo baayyee qaba. Adamoon kunis tooftaa danuu qaba. Haa ta'uutii adamoon iccitiis waa lama. Kunis adamoo bu'a qabeessaa fi isa mudaa qabu ta'ee ilaalama.

Iccitii adamsuun jireenya namoota miidhamanii ittiin fooyyessuuf ta'uu mala. Inni akkasii kun bu'a qabeessa. Gama biraan ammoo iccitii adamsuun garee ykn nama icciticha of harkaa qabu sana yoo miidhanii ofiif ittiin jireenya fooyyeffachuuf ta'e, inni kun adamoo mudaa qabu ta'ee ilaalama.

Egaa sanas ta'u kana, iccitii adamsuun badiif qofa kan taasifamu miti. Fayidaa namootaafis kan oolu ta'uusaati. Fakkeenyaaf namoota hannaan nama rakkisan adamsanii beekuuf bakka namootni sun ooluu malan wajjin ooluu nama gaafata. Namootni akkanaa tarii hunda ta'uu baatus bakka araada garaagaraa itti fayyadaman oolu. Yoo haala kanaan iccitiin kan adamfamu ta'e tooftaa barbaada. Kanas iccitii sana adamsanii qabuuf tooftaadhaan namoota iccitii qaban sanaa wajjin yaada wal jijjiiruuf bakka isaan araada itti fayyadaman deemanii isaanumaa wajjin ooluu nama gaafata. Akkasitti isaanii wajjiin wal fakkaatanii, isaan bira oolanii, isaan bira buluun,

dubbii isaanii caqasaa, waanuma isaan fayyadaman waliin fayyadamaa yoo oolan iccitii jiru hubachuun salphaatti danda'ama. Kana gochuuf garuu amala yookaan aadaa namoota sanaa hordofuun dirqama. Akkasitti waanuma isaanitti tolu calaqqisiisuu nama gaafata. Malee fedhaa fi aadaa ofii calaqqisiisaa yoo namoota sanaa wajjin kana oolan ta'e, tooftaatu beekama. Kanaafuu hanga adamoo sana xumuranii iccitii barbaadan sana harkaan ga’atanitti maaliif akka deeman tasuma namarratti beekamuu hin qabu. Kana ta'uu baannaan iccitii barbaadamu sana argachuun rakkoo ta'uu mala. Tarii yoo fala kan biraan yaalame malee jechuudha.

Egaa haala kanaan iccitii adamsuu yookaan qorannoo geggeessuun kun *'Ethinographic study'* jedhamuun beekama(4). Mala qorannoon ittiin geggeeffamu keessaa isa tokko ta'uusaati. Haa ta'u malee mala kanaan qorannoo geggeessuun hubannoo nama qorannichi irratti geggeeffamuun ala waan

raawwatamuuf, seera qabeessaa miti. Kanaaf jecha yeroo baayyee mala kanaan qorannoo geggeessuun seeraan ni dhorkama. Yoo ta'e mala kanatti namoota siyaasaa qofatu fayyadama. Kunis diinota ykn mormitoota siyaasaa ittiin adamsanii qabuuf kan malu ta'uusaati.

Iccitii adamsanii beekuuf maloota nama fayyadan keessaa inni biraan ammas karaa 'teekinooloojii'ti(5). Yeroo ammaa kana mala 'teekinooloojii'tiin iccitii nama kan biraa beekuun salphaadha. Fakkeenyaaf bilbila yeroo siif bilbilan iccitii ati haasoftu beekuun ni danda'ama. Ati yoo bilbilli kan kooti waan ta'eef namni sagalee biblila kootii waraabuu hin danda’u, bakkan jirus beekuu hin danda'u, kanaafuu ittiin abaaree balleessuu nan danda'a, jechuun qabaa nagadhiisaa kan jettu taate, dubbiin 'tekinooloojii' siif hingalle jechuudha. Toora bilbilaa fudhachuuf dhaabbatni 'telekoom' waraqaa eenyummaa maaliif akka sigaafatus dagachuu hin qabdu. Qabeenya

namaatti fayyadamaa kan ofii se'uunis waan hin malle.

Yeroo ammaa kana kalaqa *'Artificial intelligence' (AI)* jedhamuun waanumumti hin danda'amne waan jiru hin fakkaatu(6). Fkn atumti yeroo namni tokko bilbila siif bilbilu eenyu akka ta'ee fi eessa taa'ee akka siif bilbilaa jiru beekuu ni dandeessa. Kanaafis malli garaa garaa akka jiru quba hin dhabdu jedheen amana. Dabalataanis yoo Konkolaataa ooffattee kan imalaa jirtu taate, mala kanaan eessa akka jirtuufi saffisa akkamiin imalaa akka jirtu beekuun kan danda'amu ta'uus odeeffannoo qabda. Ani siyaadachiisuu kooti.

Walumaagala iccitiin karaalee hedduun kan beekamuu danda'u ta'uu hubanna. Ta'us, garuu iccitiin dhokachuu hin danda'u jechuus miti. Kunis iccitii isa 'teekinooloojii'n beekamuu malu hanbisuuf akkamitti teekinooloojii fayydamuu akka qabnu

beekuu nugaafata. Isa karaa nama iccitii hin qabanneen beekamuu maluufis tarii namicha iccitii qabachuu shaakalsiisuu, yookaan iccitii itti odeessuu dhiisuudha. Yoo cime kan cimu isa gamtaa keessa dhokatee iccitiin iccitii gurguruudha. Iccitii karaa kanaan jiru dhoksuun ulfaataa fakkaatus garuu tooftaa fayyadamanii hanbisuun kan danda'amu fakkaata. Karoorsinaan waanti hin danda'amne hin jiruufan jedhe.

Egaa nama iccitii ta'uun dirqama. Namni iccitii gulaalee hubatuufi dubbatu nama yaraa miti! Ammaaf kan nuti rakkannes dhaba nama akkasiiti.

BOQONNAA 3

3.1. Hawwaasa Iccitii (*'The secret society'*)

Iccitii biyyootni muraasni addunyaa kanarraa ittiin duroomanii misooman baayyeen isaa biyyoota hiyyeeyyiif ifaa miti. Iccitiin biyyoota qubaan lakkaa'aman kanneen akka Ameerikaa fa'a diinagdeefi 'teekinooloojiitin' akka durooman isaan taasise hanga harraatti gaaffii deebii hin argatin hafeedha. Garuu akka waan ifa ta'eetti ilaalama. Waanumti isaaniin qofaa duroomsee addunyaa guutuu hiyyummaatti hanbise kun maali? Jedhanii of gaafachuun kan isaan ittiin of ibsaniin alatti iccitiin woyii jiraachuuf akka malu gulaaluuf nu gargaara. Dabalataanis amma dhuguma isaan ofii namuma akka keenyaa ta'anii akkamitti namoota caalaa yaaduu danda'an? Biyyootni akkumasaanii baratan, maaliif 'teekinooloojii'fi diinagdeen boodatti hafan kan jedhus nu xiinxalchiisa.

Tarii deebii kana deebisuuf namni ta'e tokko waa'ee seenaa isa yeroo addunyaan wal waraanaa turte isaanimmoo dalagaarra turan, akkasumas albuuda qabaachuu biyyichaa, beekumsa namoota biyyichaa fi siyaasa filatamaa hordofuusaanii naaf caqasuu mala. Garuu kun deebii na quubsu miti. Osoo akkas ta'ee biyyootni akkuma Ameeeikaa kana albuuda qaban, kan beekumsa qaban, kan siyaasaan ishee dursan silaa maaf hin duroomne kan jedhuus gaaffii biraati.

Haa ta'uutii shakkii koo kanaaf deebii quubsaa waan naaf deebisu kan fakkaatu tokko argachuun koo hin oolle. Innis iccitii qabachuu danda'uu biyyattii ta'uun hubadhe. Addunyaa kanarra biyyoota iccitii waantisaa hin beekamne tokko dhoksanii yeroo dheeraaf tursan keessaa tokko Ameerikaadha. Iccitiin dinagdeeshee duuba jirus kanumaan wal qabata. Egaa anis iccitichuman iccitiin sitti himuuf haajame.

Waa'ee iccitii yoo kaafnu addunyaa kanarraa iccitiin guddaan kan jaarraa lakkoofsise tokko iccitii biyyoota dinagdeen guddatan muraasa keessa jiruun wal qabata. Innis waa'ee garee "Hawaasa iccitii"('The secret society') jedhamaniiti(7). Jarreen kun gosoota garaa garaatti qoodamu. Isaan keessaa tokko garee dhaabbata 'Illuminati' jedhamuun beekamu akka ta'e atis quba hin dhabdu jedheetan abdadha.

Dhaabbatni 'illuminati' jedhamuun beekamu yeroo jalqabaaf biyya Jarmanitti kan hundeeffameedha. Haa ta'u malee garuu yeroo ammaa kana biyyoota addunyaa mararraa miseensota akka qabantu ibsama. Keessumaa biyya Ameerikaatti miseensa hedduu horatanii akka jirantu beekama.

Bu'uurri jarreen kanaa amantaalee kanneen akka kiristaanummaa faallessuu irraa eegala. Gareen kun mallattoo *'666'* nis ni beekama. Waa'een'*666'* kun kutaa Kitaaba qulqulluu keessaa, *Mullata Yohaannis*

boqonnaa *13:18* irratti caqafamee argama(8). Moggaasni maqaa kanaas achumaa eegale.

Namootni miseensa garee '666' yookaan '*illuminati*'' ta'an yeroo baayyee namoota beekumsi addunyaa kanaa ifeef jedhamanii ibsamu. Maqaan 'Illuminati' jedhu kunis jecha ingiliffaa kan 'illumination' jedhurraa kan dhufeedha. Hiikni isaas 'ifa' jechuudha. '*illuminati'* jechuunis "warra ifeef" akka jechuuti(9).

Namootni garee kanaaf miseensa ta'an hundi beekamtii ykn qabeenya guddaa akka horachuu danda'antu himama. Gama biraan argannoo garaa garaan namootni addunyaa kana macheessanis baayyeen isaanii namoota garee kanaaf miseensa ta'an akka ta'etu iccitiin himama.

Maal kana qofaree, biyya Ameerikaa kaabaa kana keessa gareen iccitiin qorannoo jajjabaa geggeesuun beekamanis garee jarreen kanaa ta'uu isaaniitu

iccitiin himama. Fakkeenyaaf Yeroo meeshaan 'Neuclear bomb' jedhan sun tolfame, gareen meeshicha tolche namoota garee qorannoo 'Manhathan Project' jedhamu jalatti ramadan akka ta'etu beekama(10). 'Manhathan project' kan jedhamu kun gosoota garee qorannoo kan 'The secret research' jedhamuun beekaman keessaa isa ol aanaa akka turetu himama(11).

Gama biraan jarreen kun uumama kan biroo warra samii (Hawaa) keessa jiraatanii wajjin hidhata akka qabantu shakkama. Uumamni waaqa keessa jiran kunniin uumama nama caalaa qaroomaniidha jedhamee shakkama. Uumamni kunniin darbee darbees lafuma kanarraa bakka tokko tokkotti osoo isaan balali'anii namootni arganis jiraachuu dubbatu. Garuu maalummaa isaanii hubachuun hin danda'amne. Kanaaf jecha maqaa *'UFO* (Unidentified Flying Object)jedhamuun beekamu(12-14).

'UFO' n uumama lafarraa kan hin taanee fi kanneen maqaa saayinsawaa 'Alensoota' jedhamuun beekaman sana keessaa tokko ta'uu isaaniitu shakkama. Haa ta'u malee garuu si'a baayyee maalummaa 'UFO' kanarratti qorannoon akka adeemsifamuuf gaafatamtuus Ameerikaan waa'ee jarreen kanaa qorachuus ta'e dubbachuufis fedha akka hin qabnetu iccitiin odeeffama. Egaa kanas ta'u sana 'UFO'n uumama qaroomaaninaan dhala namaa caalan ta'anii, garuu kan lafa kan biraarraa dhufan jedhamanii shakkamu.

Tarii 'UFOn' namoota lafarra jiran balleessanii qabeenya lafaatti fayyadamuu fedhu shakkiin jedhus ni jira. Fakkeenyaaf yeroo baayyee lafuma kanarraa naannoo kuufamni warqee fi albuudni qaaliin heddummaatu dhaqanii abuuruun kan ulfaatus sababa kanaan kan walqabatu ta'uu hin oolu shakkiin jedhus darbee darbee ni odeeffama. Kana ifa gochuufis lafa kanarraa bakka 'beermudaa triangle' jedhamu

fakkeenya fudhachuun ni danda'ama. Kanumarraa ka’uun lafa kanarraa namoota balleessuuf kan yaalaa jirus uumama 'UFO' jedhaman kana ta’uu akka hin oolles shakkii uumuu hin oolle. 'UFO'n gocha namoota balleessuu kana raawwachuufis garee akka 'illuminati' jedhan kanatti fayyadamuu hin oolan shakkii jedhus dabalata. Dhugumayyuu maaltu beeka?

Tarii 'UFO'n ji'arra kanneen jiraatan ta'uus malu. Biyyootni ji'arra qubachuu danda'an tarii gargaarsa 'UFO'n ta'innaa? Tarii 'nuclear bombii' jedhan sanaan lafa kana balleessanii ofii ji'arra jiraachuuf karoora qabu moo, maaliif meeshaa kana kalaqan? Tarii nudhoksu malee lafa kan biraas mijeeffachuu maluu laata? Kanas maaltu beeka?

Jarri dinagdeen guddatan sun qorannoo hawaa isa halkaniif guyyaa geggeessaa jiran sanaan maal akka argatan nukeessaa eenyutu argee hubate? Namootni sun yeroo gara hawaatti furguuggifaman eessa akka

deemanii dhufan isaanumti yoo nutti himan malee nuti maaliin beekuu dandeenya? Isaan ammoo waan argan hunda dhuguma dhugaa jiru nutti himu jennees amannaaree? Egaa yoo gaaffilee kanneen xiinxaltee ilaalte sababa jarri sun iccitii jabeessanii nu dhoksaniif maaliif akka ta'e amma waan hubatte natti fakkaata.

Gaaffiin koo kan lammataa ammas Kanumti namoota tekinooloojiin qarooman kana iccitii qabachuu fi hameenya ittiin lafa kana balleesaan isaan barsiisu kun maali? Kan jedhuudha. Dhugumayyuu gocha akkasii kana kan isaan barsiisu bakka biraatii yoo dhufe malee lafarra waan jiru hin fakkaatu. Tarii akkas jedhanii yaaduunis dhiisuunis ammoo xiqqoo nutti ulfaata. Maalumaafuu waanti hammeenyaa fi dhoksaa hanganaa jara kanatti ibsu uumama namaan ol yaadu akka ta'e nama shakkisiisuu hin oolu.

Shakkii gama kanaan jiru kana kan dhugaa ta'uu nutti mullisu kitaaba qulqulluu keessaa kitaaba '*Heenook'*

boqonnnaa 19 irratti katabamee kan jiruudha. Kitaaba kana kiristaanotni akka 'prooteestaantii' hin amanan. Keessumaa biyya 'Itoophiyaa' kanatti kitaabicha kan qabus kan itti amanus mana amantaa *'Ortoodoksii Itoophiyaati(14)'*. Sanas haa ta'u kana, garuu ani kitaabicha dubbisuu kootti hedduun gammade. Dhimma waa'ee uumama waaqaa fi namoota gidduu jiruu kana sirriitti ifa godhee kan ibsus kitaabicha qofan argadhe.

Kutaa kitaaba 'Henook' boqonnaa 19 kana keessaa kan baayyee na raaje ammoo isanni "uumamni dhala namootaa hammeenya barsiise, tuuta ergamootaa keessaa garee waaqaan morman ta'uu" ibsuudha. Keessumaa ergamaan '*Gaadri'el'* jedhamu ergamaa isa 'Hewaaniin' goyyomse ta'uu hima. Kan ilmaan namootaa lolaa fi ajjeechaa barsiise, akkasumas meeshaa lolaa fi tooftaa lolaa shaakalchiises ergamaa *'Gaadri'el'* jedhamu kana ta'uu dubbata.

Maarree egaa waa'een garee *'The secret society'* jedhamanii fi ergamootni warri waaqaan mormanii kun yoo wal bira qabamanii ilaalaman dhuguma waa nama hin shakkisiisuuree? Ati maal jetta?

BOQONNAA 4

4.1. Raajii

Hiriyaakoo tokkotu yeroo mara gaaffii nagaafachuu jaallata. Nuti isaa wajjiin hiriyaa kan taane dhiyeenya kana. Ani dur malee dhiyeenya kana hiriyaa hedduu hin qabu. Hiriyyootni kiyya kan durii sunis amma hiriyyummaa koo badaa hin fedhan. Sababni ammoo najibbuu osoo hin taane ilaalcha kiyya kan dhiyeenya kanaatu isaaniif ta'uu dide. Kanaaf narraa fagaatan jedheen hubadha.

Haa ta'u malee dhiyeenya kana hiriyaa ani iccitii waliin mari'adhu tokkoon argadhe. Innumtuu gara jalqabaa ilaalchakoo jibbaa turus amma ilaalcha ani calqqisiisuu wajjin waan waliif galee fakkaata. Inumaayyuu ilaalcha kiyya bira darbee anumaanuu" ati raajiidha! Raajiin biyyasaa keessatti kabaja hin qabuuf malee" naan jedha. "Waaqni saba kanaaf

sikaasuu hin oolles" naan jedheetu mogolee koo isa waa meeqaan cabe olkaasuuf yaalii godhaa jira. "Jabaadhu Waaqni sifaana jira!" jedhees hamilee natti hora. Mee inni haa ta’uutii garuu raajiin maali?

Namni waan hin mullanne argee namatti mullisu as biyya keenyatti "Raajii" jedhama. Hiriyaan koos raajii jedhee namoggaasuun kanumaaf natti fakkaata.

Maal kana qofaree namootni biyya keenyaa kun meeshaa yaala fayyaaf gargaaru kan *'X ray'* jedhamuun beekamus"Raajii" jedhanii waamu. Meeshaan *'X ray'* jedhamu kunis nubiratti "raajii" jedhamee kan moggaafame, sababa inni waantota dhokatoo qaama keessa jiran mullisuu danda'uufidha.

Meeshaaleen bifa *'X ray'* kanaan tolfaman waantota iccitiin qodaa woyii keessa dhokfaman arguufis ni fayyadu. Fakkeenyaaf daandiin xiyyaaraa yeroo baayyee sakatta'insa gochuuf meeshaalee haala kanaan tolfamanitti fayyadamu. Meeshaaleen kunniin

cararraa *‘electromagnetic waves’* jedhaman maddisiisuu danda'u. Cararraan jennu kun Oromiyaa keessaa bakka tokko tokkotti "Carallaa" jedhamuunis ni waamama. Bakka muraasatti ammoo "Calaqqee” jedhanii waamu. Sanas haa ta'uu kana, garuu meeshaan 'X ray' jedhamu kun waantota dhokatoo ta'an mul'isuu kan danda'e, sababa carallaa 'electromagnetic waves' jedhaman kana maddisiisuu danda'uuf ta'uu isaa hubanna.

Haa ta'u malee carallaan meeshaa kanaan oomishaman hanga gara garaa qabaachuu ni malu. Hangi carallaa meeshaa kanarraa maddu baayyee taanaan miidhaa guddaa namarratti geessisuu danda'a. Fakkeenyaaf hangi carallaa kan ittiin dhibee qaama keessa jiru ilaaluuf fayyadu hanga isa *‘diagnostic dose’* jedhan sana qofa ta'uu qaba. Kunis hanga dhibee ittiin arguuf nama fayyadu qofa ta'uusaati.

Yoo hanga yaadame kanaan ol ta'e innumtuu dhibee akka 'kaanserii' namatti fiduu danda'a. Namni tokko waggaatti yoo baayyate meeshaa kanaan si'a sadii ol raajii ka'uun kan dhorkamus kanumaafi. Eeyyen! Raajiin kun yoo hanga yaala fayyaaf yaadameen ol ta'e seelota qaama namaa keessa jiran ajjeesuu danda'a. Dhibee *'seelii kaanserii'* ittiin yaaluufis ogeessonni fayyaa hanga carallaa seelota 'kaanserii' jedhan sana qofa ajjeesuu danda'u, bakka dhibame sana qofatti gadi lakkisanii ittiin dhibicha yaalu. Hangi kun ammoo ‘therapeutic dose’ jedhamuun beekama. Hanga yaala fayyaaf godhamu ta'usaati.

Haa ta'u malee bakki cararraan hanga ‘*therapeutic dose’* ta'een qaama namaatti gadi lakkifamu bakka seeliin 'kaanserii' sun jiru qofarratti ta'uu qaba. Kanaan ala qaamni namaa hundi seeliirraa waan hojjetameef jecha yoo bakka hundatti cararraa kana gadi lakkisan seelota hunda ajjeesuu danda'a. Akkas

goonaan namichi battaluma du'uu kan danda'u ta'uu isaati.

Egaa kanarraa kan hubatamuu qabu namni rasaasa ijaan argamu qofaan osoo hin taane cararraa ijaan hin argamneenis ajjeefamuu akka maluudha. Cararraan jedhamu kun yoo battaluma nama ajjeesuu baates tarii kaanserii uumee tursee nama ajjeesuu akka danda'us kunoo amma hubattee jirta.

Cararraan jedhaman kun baayyeen isaanii kanneen ijaan argaman miti. Gosoota cararraa 'electromagnetic *waves' jedhan* sana keessaa kan ijaan argamuu danda'u ifa qofa. Ifnis gosoota cararraa keessaa isa tokko ta'uusaati. Gosoota cararraa keessaa Kanneen 'infrareds' jedhaman garuu ijaan hin argamanes ni jiru. Ijaan mullachuu dhabanis, garuu yeroo ammaa kana meeshaaleen carallaa akkanaa irraa tolfamanii tajaajilaaf oolan danuudha. Kanas akka fakkeenyaatti 'remote control' isa jedhan

sana fudhannee ilaaluu dandeenya. Meeshaa kanaan yeroo mara ‘*teeleeviizhiinii*’ ittiin bannee cufachaa oolla. Yeroo fayyadamnu garuu '*teeleeviizhiinii*' nuuf saaquu isaa malee carallaa isa keessaa burqu hin arginu. Akkuma kana cararraa baayyeen ijaan namatti hin mullatan jechuudha. Kan arguun danda'amu gocha isaanii qofa. Sunuu kan battaluma argamuufi turee mullatu ta'uu mala.

Cararraan fayidaa qofa osoo hin taane miidhaa cimaa akka qabaachuu malanis dagachuu hin qabnu. Eeyyen! Cararraan dandeettii yoo fedhan battuluma ajjeesuu, fedhanis turanii ajjeesuu qabu. Kanaafuu namootni ofittoon, kan ajjeessuu fi balleessuu kaayyoo godhatan tarii yeroo booda kanas akka meeshaa lolaatti fayyadamuu waan oolan miti. Ammas garuu maaltu beeka?

Cararraan akka meeshaalee lolaa kanneen birootti sagalee hin dhageessisan. Yoo ajjeechaaf namatti

aggaamanis sagalee dhokfataniiti. Haala kanaan yeroo ammaa kana biyyootni dinagdeen guddatan bakka fedhan ta’anii mala kanaan nama fedhan hubuuf dandeettii waan gonfatan fakkaata.

Dur meeshaan lolaa isa dhuka'ee, guungumee, madeessee, dhiiga dhangalaasee, lafee cabsee, morma muru fa’a ture. Amma inni durii sun hafee gara meeshaa isa sagal-malee nama ajjeesuutti akka ce’aa jiru sitti himuuf raajii ta’uu nan gaafatu. Maal kana qofa, dur eenyu maal akka dhukaasee, eeenyuun akka ajjeese ni beekama ture. Amma garuu haala kanaan eenyutu eessa taa’ee maal fayyadamee nama akka ajjeesu waaqa malee namni mooji. Namni hin beeku jechuu kooti.

BOQONNAA 5

5.1. Tooftaa

Namni nama ta'ee dhalatu hundi jireenya fedha. Jireenya mudaa hin qabne jechuukooti. Tarii gariin namaa haala mijataa keessatti dhalatee of arga. Gariin ammoo haala jireenyaaf hin mijanne keessatti dhalata. Namni haala jireenyaaf mijataa ta'e keessatti dhalatu carra-qabeessa. Carraa kana tarii bakkaa fi nama irraa dhalatantu gumaache. Kaanaafuu haala jireenyaa mijeeffachuuf ifaajjii jabaa gochuu waan isa barbaachisu hin fakkaatu. Namni akkasii beelaa fi rakkina yoo gurraan dhaga'e malee kan hin argine ta'uus mala. Kanaafis yoo waa'een rakkinaa dubbatamu isatti tapha woyii fakkaata. Inni akkasii kun immimmaan ija namoota rakkatanii keessaa lola'us akkuma bishaaniitti ilaala. Gatiin imimmaanii isa biratti rakasa. Kanaafiidha nama tasuma rakkatee

hin beeknetti waa'ee rakkoo jireenyaa odeessuun kan ulfaatu.

Wa'ee rakkoo jireenyaafi akkamitti akka rakkoo mo'achuun danda'amu nama haala jireenyaaf mijataa hin taane keessa jiruu wajjiin dubbachuutu fala. Namni akkasii dhukkubbii yeroo rakkinaa waan beekuuf garee keeti. Inni sifaana mariitti seena. Egaa namni waa'ee tooftaa dhaga'uu fedhus namuma akkasii kana.

Haa ta'uutii namni nama ta'ee dhalate kamuu yoo tooftaa jireenyaa hin qabu ta'e namummaan isaa gaaffii jala jira. Keessuma addunyaa yeroo ammaa kana keessatti jechuudha.

Yeroo ammaa kana namni nama ta'e kamuu gufuu jireenyaan marfamee waan jiru fakkaata. Kun ammoo namni haala mijataa keessa jiraatus dhabus jireenya itti fufsiisuuf tooftaa tolfachuun akka feesisu ibsa.

Fakkeenyaaf waa'ee abbaa qabeenyaa isa 'face book' jedhan sana hundeesse 'Markzuckerberg' beekuu hin ooltu. Namni kun yeroo ammaa galii dhaabbata 'face book' jedhamu kanarraa argatuun rakkoo jireenyaa mo'atee jira. Akka addunyaattis yeroo ammaa kana qabeenyaan namoota sadarkaa duraa qabatan keessaatti argama. Haa ta'u malee rakkoo guddaan akka dhufuuf jiru waan isatti mullate fakkaata. Kanaaf jecha qabeenya qaburraa baasii guddaa ramadee lafa jalatti bakka jireenyaa akka tolfatee jirutu himama. Maaliif kana godhe jettaa laata?

Gochi namicha kanaa kun namni kamuu yaaddoo keessa jiraachuusaa namatti mullisa. Namni kun yaaddoo isa rakkoo jireenya namootaa mudachuu malu dandamachuuf jecha tooftaa kana tolfachuu hin oolle. Garuu nama hin hubannetti gochisaa kun baacoo woyii fakkaata.

Haala qabatamaa yeroo ammaarraa kaanee kan hubannu, namni nama ta'e kamuu gufuu jireenyaatiin marfamee kan jiru ta'uusaati. Kanaaf ammatti dubbiin ijoo sooromuu fi hiyyoomuu qofa kan fuulleffatu miti. Jireenya itti fufsiisuu danda'uu namaati malee.

Walumaa gala yeroo ammaa kana waanti jireenya namoota addunyaa hunda danqu waan as deemaa jiru fakkaata. Kanaafuu waanticha miillasaa cabsuuf daboo yaa'uun waanuma namoota jiraachuuf karoora qaban kamirraa eegamuudha. Rakkoon ykn yaaddoon nama hunda mudachuu malu kun maal akka ta'e booda itti dhufna. Ammaaf garuu waa'ee karoora jiraachuu fi tooftaa qabaachuu qofa odeessuuf yaalla.

Eeyyen! Ammattii nama karoora qabu qofaaf tooftaa xiinxalla. Namni jireenyaaf karoora hin qabne silas horiidha. Inni akkuma horiitti jiraata. Kanumaaf dhimmi karooraa kunis isa ilaaluu dhabe. Nama

karooraatti malee horiitti dubbachuuf Shif-argaanis hin karoorsine jechuudha. Namni akka horiitti jiraatu garuma oofanitti oofama. Yoo qalan ni qalama. Yoo elmanis ni elmama. "Akka feetee" jechuunis isuma. Mee ati ofii horiidhamoo namaa? Jiraachuuf karoora qabdaa? Karoora kee galmaan ga'uuf tooftaan kee maali?

Ihim! Akkumati of ilaaltuufan sigaafadhe malee jireenyaaf akkati karoora qabdu nan hubadha. Kana hubachuuf ani raajii ta'uu nan gaafatu. Ati nama yaadu malee horii miti jedhuu kooti.

Osoo ati kaatee anoo karoora jireenyaa tasuma hin qabu naan jettee, silaa ani kolfaan gaggabee waanuman du'u natti fakkaata. Maaliifan hin kofluree? Waanta jireenya kee balleessuuf sitti adeemaa jiru osoo argituu isati akka horii ciistee qalamuuf tooftaa dhabde yoon sitti hin kofalle gaafa siqalan kolfuun

qabaa? Matumaa! Gaafas yoon boo'e malee anoo garaan ittiin sitti kolfu hin qabu. Kun dhugaadha!

Walumaa gala dhaloota ammaa kanarraa tooftaa ittiin jireenya mo'atan qabaachuutu barbaachisa. Tooftaan waanuma fedhan dalaguuf nama fayyada. Yoo feete balleessuuf feetummooo qajeelchuuf fetus diigdee, feetu ijaaruuf sifayyada. Inni qotu qonnaarraa oomisha danuu galfachuuf, inni daldalus bu'aa daran argachuuf, inni lolu lolee mo'achuuf, inni baratus baratee fiixaan ba'umsa argachuuf tooftaatu barbaachisa.

Namni Karoora qabu, tooftaa ittiin waan karoorfate sana bira ga'uu malu qabaachuu qaba. Diinota jireenya namaa adamsan kamuu miliquuf, akkasumas qolachuu fi mo'achuuf tooftaa fayyadamuun dirqama jiraachuuti.

Namootni jireenya itti fufsiisuuf tooftaa garaa garaa fayyadamu. Kanas gariin lolaan, gariin malaan eegalu.

Malaanis haa ta'u lolaan, garuu waan karoorsan argachuuf tooftaa qabaachuun kan barbaachisu ta'uusaati. Namootni dhuunfaas ta'u biyyootni addunyaa kanarra jiraatan kan isaan ittiin gufuu jireenyaa buqqisuuf yaalan tooftaa kana lamaan keessaa tokko ta'uu ni mala. Tooftaan lolaa diina gufuu jireenyaa ta'e ajjeessuu fi madeessuu akkasumas barbadeessuu dabalata.

Tooftaan malaan taasifamu garuu lolas, tolas qaba. Lolli malaan adeemsisan kun lola isa kallattiin ajjeesanii madeessuun taasifamu osoo hin taane, lola isa haxxummaa, abshaalummaa fi bakka bu'ummaa fa'a fayyadamuun raawwatamuudha.

Lolli bakka bu'uumsaan ademsifamu yeroo baayyee tooftaa biyyoota dinagdeen guddatan biratti mullatuudha. Kanas irra jireessaan yeroo isaan biyyoota hiyyeeyyiiti fayyadamantu ifee mullata. Akkasitti biyyoota dinagdeen guddatan kanneen

biroo dadhabsiisuuf biyyoota hiyyeeyyii ollaasaanii jiranitti fayyadamu. Fakkeenyaaf yeroo ammaa kana biyyi Ameerikaa diinagdeen biyyoota addunyaa dursaa jirti. Dursummaa kanas akkuma jirutti itti fufsiisuu feeti. Haa ta'u malee gama kanaan biyyootni akka Chaayinaa sodaa guddaa itti ta'anii jiru. Kanumaaf jecha biyyoota akka '*Chaayinaa'* fi *'Raashiyaa'* fa'a kana dadhabsiisuuf ifaajjii guddaa gochuurratti argamti. Haaluma kanaan Raashiyaa kuffisuuf biyya ollaa '*Raashiyaa'* taate '*Yuukireeniin'* fayyadamti. *'Chaayinaa'* kuffisuuf ammoo *'Taayiwaniin'* fayyadamti. *'Kooriyaa'* kaabaa dadhabsiisuufis *'Kooriyaa'* kibbaatti fayyadamuuf karoora lola bakka bu'umsaa kana fayyadamaa jiraachuu isheetu ifee mullata. Egaa biyyootni isheen bakka bu'umsaan loltee dadhabsiisuu feetu kunniin yeroo booda dinagdeen ishee caaluu akka malan sodaa waan qabduuf ta'uusaati. Kanumaaf jecha Ameerikaan biyyoota bakka buufatte kanaaf

gargaarsa walirraa hin cinne gooti. Akkasitti yeroo biyyootni kunniin qabeenyi isaanii barbadaa'ee uummatni biyyichaa qe'eerraa buqqa'ee, lubbuun namoota hedduus darbu, gadda itti dhaga'ame ibsiteetu dabalataan meeshaa waraanaa ergitiif. Gargaarsa ta'uusaati. Argitee! Kun haxxummaa guddaadha! Kun tooftaa lola bakka bu'umsaa isa 'Proxy war' jedhan sanaati.

Lolli addunyaa kanarraa bakka baayyeetti mudachaa jiru sababuma kanaan kan wal qabatu fakkaata. Kana gochuuf yoo fedhan amantaa fi lagaan tokkummaa dhabsiisu. Yoo fedhanis daangaarratti wal ficcisiisu. Kanumaan biyya tokko garee lamatti qoodu. Akka lolli dheeratuufis meeshaa waraanaa garee lolaan miidhameef gumaachu. Akkasitti diinangdee biyyoota baay'ee waraanaan kuffisaniitu ofiimmoo oomishaan guddatu.

Oomishni isaan oomishanii ittiin guddatan keessaa tokko meeshaa waraanaati. Meeshaa waraanaa kanas gurgurachuuf biyyootni wal lolan jiraachuun dirqama. Akkasitti yeroo biyyoota hiyyeeyyii keessatti walitti bu'iinsi hammaatee, qabeenyi barbadaa'ee, dhiigni dhangala'ee, iyyi guddaan ta'u; biyyoota meeshaa waraanaa oomishanii gurguratan keessattimmoo gammachuu guddaatu ta'a. Kunis tooftaa ta'uusaati.

Egaa tooftaan waa mara. Kaan ittiin balleessee duroomuuf, kaanis jalaa miliquuf tooftaa tolfata.

Hubattee! Asuma biyya keenya keessattis jarri tooftaa kana fayyadamuu malu. Yoo nuti gareetti wal hirree, qooda araaraan dhibdee keenya furannu, lollee wal fixuu yaalla ta'e, kan fayyadamu nu miti. Jara warra nuti meeshaa irraa bitnee ittiin wal fixnu sanadha malee. Bifa kanaan nukeessa gareen mo'ataa ta'u waan jiru hin fakkaatu. Yoo jara bakka bu'ee tooftaasaanii fiixaan baasuutti kan jiru ta'e malee.

Meeshaa achii bitannee ittiin wal fixuun keenya kun nama sammuu qabutti doofummaa keenyaa fi haxxummaa jaraa guddisee mullisa. Meeshaa jarri garee tokkoof gumaachan kana gargaarsa woyii fakkeessee kan hubatus jira. Akkuma ergamoota waaqaatti namni isaan ilaalus hin dhibu.

Tooftaan jaraa kun yeeyyii raroo hoolaa uffattee hoolaa keessa dhokatte namatti mul'isa. Haxxummaa isa gargaarsa fakkaatee qabeenyaa fi lubbuu obboloota keenyaa galaafatu xiinxaluun dansa. Hubatanii irratti damaquun ammoo bilchina. Kanaafuu yoo rakkoon akkasii kun nu mudate, nutis tooftaa jaraa beeknee, walii keenyas hubannee, rakkoo bifa kanaan nu gidduutti uumamu maqsuun tooftaa tooftaa caalus ta'eetu natti argama.

Eeyyen! Akkasuma! Nutis diinagdeen guddachuu qabna. Garuu waldhabdee danuutu nu gidduu jira. Wal dhabdee keenya walii galteen mari'annee hin

furannu taanaan ammoo jaraaf karaa saaqna. Kun diinagdee ni kuffisa malee hin guddisu. Kanaafuu gareen wal lolu kamuu cichee tooftaa jaraa fashaleessuuf ifaajjii gochuu qaba. Dhibdee keenyas lola dhiifnee malaan furachuu danda'uu qabna. Gareen kamuu anummaa dhiisee namummaatti deebi'uu qaba. Waliif yaaduu malee walirratti yaaduun hin baasu. Hubadhu! Nama balleessanii ofii jiraachuun hin danda'amu.

Egaa ati qooda doqnummaan ajjeeftee du'uu feetu, maaf kennitee hin fudhattu? Tarii lolli bakka itti barbaachisu qabaachuu akka malu nan hubadha. Lolli akkuma barbaachisutti ta'ee garuu nama mo'uun kan danda'amu yeroo baayyee lolaan miti. Tarii namoota leencaa fi qeerransa madaqsanii wajjiin taphatan ergitee beekuu malta. Mee isaan sun tooftaa maaliitiin bineensota nama nyaatan akkasii kana madaqsuu danda'anii?

Achii leenca nama nyaatu, jaalalaan ofitti firoomsu. Keenya inni asii kuni mooji, hin jiru meerre jaarsuu? Yoo jaarsuu dhibe, nuti maaf dhabna jaalala araarsu?

Ilaa ati hubadhu jaalakoo! Waanta lolaan argachuu feetu sana dhiisii mee jaalalaan furuu yaali jedheen sigorfadha! Lolaan badii guddaatu uumama. Yoo lolaan rakkoo furuu yaalte tarii lubbuu dhabuu malta. Tariimmoo erga dhiigaa fi lafee, akkasumas lubbuu fi qabeenya danuu irratti gumaachitee boodas argachuu malta. Akkasitti mo'anii waanti argatan sun garuu qabeenya hin ta'u. Tarii ammaaf mo'icha fakkaatus, madaan lolaan uumame, turee dhukkuba kan biraa dhaluu hin oolu. Kanaafiidha kan lolaan mo'achuun tasuma mo'icha isa dhugaa ta'uus dhabu. Jaalalaan garuu: cabaa fi madaa, akkasumas diinagdee fi lubbuu du'arraa hanbistee, salphaatti waan feetu argachuu malta. Kunis garuu yoo tooftaa beekani. Maarree osoo tooftaa beekanii silaa maaltu hin ta'u?

BOQONNAA 6

6.1. Xiinxala

Namuu ni xiinxala. Garuu xiinxalli sadarkaa qaba. Kunis xiinxala irrakeessaa fi xiinxala gadi fagootti qoodama. Furmaataaf kan barbaadamu garuu xiinxala isa gadi fagoo qofa. Ta'us garuu namoota danuu irraa kan ifee mullatu xiinxala irra keessaa fayyadamuu isaaniiti.

Xiinxalli irra keessaa xiinxala akkasumaaniiti. Namoota xiinxalicha fayyadamanis kan namoota akkasumaanii taasisu isuma. Xiinxalli irra keessaa kun isa namoota baayyee boolla doofummatti naqee achumatti hanbisuudha. Isuma akka hin arginetti ija cufachiisee, dhageettiis dhorkachuuf gurras itti duuchee hubannoo dhorkatu sanadha.

Xiinxalli furmaataaf barbaadamu silaa xiinxala isa gadi fageenyaan xiinxalamu ture. Haa ta'u malee

namootni baayyeen xiinxala gadi-fagoo kana fayyadamaa waan jiran hin fakkaatu. Xiinxala gadi fagoo kanaan 'critical thinking' jedhanii waamu(15). Namni xiinxalicha fayyadamu ammoo Xiinxalaa cimaa ykn 'Critical thinker' jedhama. Osoo argamee silaa namni addunyaan furmaataaf wargamtee iyyaafattu kunoo nama akkasii kana. Kanaafuu nama furmaataa ta'uuf xiinxala gadi-fagoo fayyadamuun: ana fi si'i, isaa fi ishee, hunduma keenya irraa kan eegamudha.

Mee ati xinxalaa cimaa (Critical thinker) ta'uu ni feetaa? Deebii kee situ beeka(15). Garuu xiinxalaa cimaa ta'uun ni danda'ama. Ta'us yaalii adeemsa itti fufiinsa qabuun taasifamu hordofuu si gaafata. Kunis shaakala, of-madaaluu, akkasumas yaada fi ilaalchuma kee mormuuf fedhii qabaachuu fa'a dabalata.

Tooftaalee dandeettii yaaduu kee guddifachuuf sigargaaran keessaa muraasni: -

1)Fedhii beekuu horachuu: Waa'ee addunyaa naannoo kee jiruu hunda beekuuf fedhii dhugaa horachuu qabda. Yoo beekuuf fedha qabaatte, gaaffii gaafattee baruu yaalta. Odeeffannoo haaraa adamsitee qoratta. Ni baratta. Ilaalcha adda addaa qorattees hubatta. Akkasitti sammuu kee sooraa oolta. Walumaagala fedha waa beekuu qabaachuun guddina sammuuf galtee jalqabaati.

2) Dandeettii yaada qeeqaa jajjabeessu horachuu: Yaadni qeeqaa odeeffannoo xiinxaluu, falmii garaa garaa madaaluu fi murtii sababa qabeessa ta'e kennuu of keessaa qaba. Dabalataanis tilmaama adda baasuu, loogii beekuu fi amanamummaa maddootaa madaaluu fi, akkasumas gochaalee rakkoo furuu barbaadan irrattis hirmaachuu si gaafata. Kanaafuu yaada tokko qofatti quufuun dura qeeqa isaas sirriitti madaaluutu sirraa eegama. Fakkeenyaaf: - Yaada" seexanni ni jira" jedhuu fi "hin jiru" jedhu gidduutti falmiin yoo adeemsifame. Ati isaan keessaa waanuma

sitti fakkaate tokko fudhattee amanuu keen dura qeeqa gama lamaan jiru gadi fageenyaan ilaaluun xiinxaluu qabda. Yeroo sana ilaalcha gama lamaan jiru sirriitti xiinxaltee hubatta. Walumaagala yaada tokko duuchaamatti Ni jira! Hin jiru! Ni ta'a! Hin ta'u! fa'a jedhanii farrajuun carraa xiinxaluu namaa hugguruu mala.

3)Rakkoo walxaxoo ta'an maadheffachuu (Embrace complexity): Dhimmoonni baay'een roga hedduu kan qabaniifi furmaata salphaas akka hin qabne hubachuun dirqama. Kunis dursa ilaalcha garaa garaa ilaaluu, akkasumas wantoota adda addaa madaaluu fi waantota bitaa sitti galan hunda gadi fageenyaan sirriitti hubachuuf qalbisaan caqasuutu sirraa eegama. Kanaafuu wantoota walxaxoo ta'an hunda garmalee salphistee ilaaluu irraa of qusachuu qabda jechuudha. Waantota walxaxoo ta'anirratti dursa hubannoo ga'aa argachuu sifeesisa. Furmaata waaraa argachuufis, beekumsa gadi-fagoo gama

hundaan xiinxalanii argachuutu dursa. Malee waanuma hunda irra keessa hubachuufi salphisanii ilaaluun hubannoos ta'u furmaata waaraa kan argamsiisu hin fakkaatu. Kanaafuu ilaalcha hunda ilaaluun nama gadi-fageessee xiinxaluu fedhuuf kan barbaachisuudha.

4)Dhaggeeffachuu dammaqinaan shaakali: Xiinxalaa cimaa ta'uuf yeroo haasawa ykn falmii woyii irratti bobbaatu yaada namoota kan biroos dammaqinaan dhaggeeffachuuf xiyyeeffannoo guutuu kennuu qabda. Fakkeenyaaf yaadota kitaaba kana keessatti caqafaman hubachuun xiyyeeffannoo guutuun dubbisuu sigaafata. Yaada namoota biroo dhaggeeffachuunis akkasuma. Erga yaada namoota kan biroo sirriitti dhageessee booda waan siif hin galle hubachuuf gaaffiiwwan ifa ta’an gaafachuutu sirraa eegama. Akkasumas ilaalcha isaanii hubachuuf carraaqqii gochuu qabda. Dammaqinaan dhaggeeffachuun hubannoo haaraa akka argattu si

gargaara. Akkasumas ilaalchuma kee deebitee akka ilaaltuufis karaa siif saaqa. Akkasitti xiinxalaa cimaa ta'uu dandeessa jedheen amana. Yoo yaada namoota kan biroo dhaggeeffachuuf fedha hin qabdu taate garuu, irra keessa malee gadi fageenyaan xiinxaluuf carraa waan argattu hin fakkaatu. Akkasitti tarii yaaduma kee durii isa beekumsa sirrii fakkaatee sitti argamu sana qofa akka irra deddeebiin dudubbachaa ooltuuf malee carraa beekumsa dabalataa siif gumaachu waan argattu hin fakkaatu. Kun ammoo xiinxalaa cimaa ta'uu sidhorka.

5) Ilaalcha adda addaa barbaadi: Xiinxalaa cimaa ta'uuf sagalee fi ilaalcha adda addaatiin of marsuu yaali. Silaa namoota seenaa, ilaalcha siyaasaa, muuxannoo fi amantaa adda addaa qaban waliin haasa'uu shaakalta. Kunis akka ilaalcha garaa garaaf saaxilamtu sitaasisa. Ilaalcha adda addaatiif saaxilamuun ammoo yaada kee bal'isa. Gara laafinaa fi hubannoo gadi fagoo akka qabaattuuf si gargaara.

Hubannoo gadi-fagoo qabaachuun ammoo xiinxalaa cimaa sitaasisa.

Yeroo baayyee namoota biyya keenyaa biratti kan mullatu amantaa fi ilaalcha ofii qaban qofaan xiinxaluudha. Kun ammoo dogoggora cimaadha.

Biyya sab-daneessummaa qabdu keessatti ilaalcha garee dhuunfaa qofa calaqqisiisuun waldhabdee jiru daran finiinsa. Fakkeenyaaf namootni bulchiinsa biyyaa keessatti qooda fudhatan yeroo isaan ilaalcha dhuunfaa isuma ofii qabaniin qofa xiinxalanii biyya bulchuu yaalantu ifee mul'ata. Asitti namni amantaa kiristaanummaa hordofu tokko yoo ka'ee biyya bulche, namootni inni bulchus waanuma ilaalcha amantaa isaa kana hordofan itti fakkaata. Kanaanis tarii amantaa "namni hundi jalqaba sanyii 'Addaamii fi 'Hewaan' irraa dhufe "jedhu sana qofa calaqqisiisuu mala. Namootni addunyaa hedduunis akkasumatti amanu. Akkasitti amanuun isaanii cubbuu miti. Garuu

namootni yaada kanatti hin amannes jiraachuu akka malan xiinxalanii ilaalcha ofii qofa calaqqisiisuu irraa of qusachuu dhabuu isaaniitu dogoggora ta'uu mala malee.

Namootni biyya bulchan ilaalcha ofii qaban akka waan namootni hundi fudhataniitti hubachuun dura ilaalcha gama biraan jirus xiinxalanii beekuu qabu. Kana gochuu dhabnaan bulchitootni yeroo baayyee tumsa ga'aa argachuu dhabus natti fakkaata. Silaa namni biyya walii galaa bulchu tokko yoo kan tumsa lammiilee hunda irraa argachuu fedhu ta'e, dursa ilaalchota biyyicha keessa jiran hunda xiinxalee beekuu qaba ture. Yoo ilaalcha isuma ani beeku sana malee kan biraan sirrii miti jedhee tuffiin bira kan taru ta'e garuu rakkoodha. Tarii nubirattis ifee mul'achuu dhabe malee yoona rakkoo akkanaatu dhibee danuu dhalaa jiras ta'uu mala. Maaltu beeka?

Xiinxalaa cimaa ta'uuf silaa dursa ilaalcha gama hundaan jiru hubachuufi kabajuun eegalu. Kana ta'uu baannaan xiinxalaa cimaa ta'uun hafnaan tumsa waliigalaayyuu argachuun ni ulfaata. Tumsi dhibnaan nageenyis hin jiru. Xiinxalaa cimaa ta'uu dhabuun nageenya biyyaas ni booressa. Diinagdee dhuunfaa fi kan biyyaas ni kuffisa. Kanaaf jecha keessumaa namootni bulchiinsa biyyaa keessatti hirmaatan dursa ilaalcha lammilee hundaa xiinxaluu feesisa. Akkasitti silaa rakkoof furmaata xiinxaluun salphata. Maarree atis akkasuma gochuu qabda.

Mee fakkeenyaaf waa'ee dhimma achii dhufa sanyii namootaan wal qabatu sana ammas Ilaalcha gama amantaa Waaqeffannaa Oromootiin jirus fakkenya fudhannee gabaabinaan akka armaan gadiitti ilaaluu haa yaallu. Ilaacha Oromoos xiinxallee, xiinxalaa cimaa ta'uu keenyas haa xiinxallu.

Ilaa! Akka kitaabni amantaa Waaqeffannaa Oromoo (Daaniyaan) ibsutti; Oromoon seemaa (seera uumamaa) fi Seedaa (Seera Gadaa) kan ittiin bulu ni qaba(16). Seemaa Oromoon itti amanu kun sirna amantaalee kanneen biroo irraa addummaa qaba.

Akka amantaa Oromoo kanatti waaqni jalqaba walaabu (bishaan ganamaa) uume. Walaabuu kanas: Yaa'a olii fi Yaa'a gadiitti gargar hire. Bishaan yaa'a olii kun ammoo ruuda (aduu, urjii, ji'aa fi waantota hawaa keessa jiran) hundatti gargar hiraman. Bishaan isa yaa'a gadiirraa ammoo lageen, haroo, garbootaa fi dacheetu uumame. Horo namni jedhamus jalqaba bishaanuma yaa'a gadii kanarraa uumame. Horo kun nama jalqaba uumame ta'ee, kan saala hin qabne ture. Garuu waaqni milluu isaatiin Horoon bakka lamatti gargar hire. Sana booda inni mirgatti kufe Horaa, kan bitaatti kufte ammo Hortuu jedhamanii waamaman. Egaa akka amantaa Oromootti nama dabalatee lubbu qabeeyyiin hundi

bishaan walaabuu isa yaa'a gadii kanarraa uumaman jechuudha.

Asirratti wanti hubatamuu qabu bishaan Walaabuu jechuun, walaabuu isa godina Baale keessatti aragamu sana jechuu miti. Walaabu jedhamu kun bishaan ganamaa isa waaqni waan hundumaa irraa uumeedha malee.

Akka amantaa Oromoo kanatti hiddi dhaloota namaa Horaa fi Hortuu irraa dhufe. Oromoonis Horaa fi Hortuu irraa dhalate. Sana booda Oromoon ammoo ilmaan lama dhalche. Inni angafaa Innoo jedhama. Innoo jechuun Innikka(angafa) jechuudha. Aannoon ammoo isa quxusuudha. Haa ta'u malee Aannoon qaalluu(nabiyyii) isa angafaati. Aannoon kun ilmaan Oromoo keessaa nama jalqaba ayyaana qaallummaa waaqa irraa argateedha. Ayyaana waaqaa kanaanis Seemaa fi Seedaa hubatee namoota akka barsiisuufis waaqni jalqaba isa muude. Kunis akkuma namicha isa

‘Musee’ ykn ‘Muusaa’ jedhamuu sanatti Aannoonis nama jalqaba seera namni ittiin buluu qabu waaqa biraa fidee barsiise ta'uun isaa walfakkeenyummaa qaba. Kun ta'uun waggaa 6,417 dura ture.

Waaqni jalqaba ayyaana qaallummaa Aannoo qofarratti buusee waa'ee seemaa fi seedaa jiru hunda itti mullise. Qaalluun Aannoo boda jiranis ayyaanuma waaqa biraa argatan kanaan Seemaa fi Seedaa jiru hunda hubatanii barsiisu.

Hubadhu! Seedaan sirna gadaati. Sirni gadaa heera waaqaati. Kanaafuu Seedaan seera namni akka ittiin walii isaa fi uumama hundaa hogganuuf waaqni Aannootti jalqaba mul'iseedha.

Egaa akka ibsa armaan olii kanatti ilmaan Oromoo lamaan: Innoo fi Aannoo jedhamu. Malee Booranaa fi Baarentu kan jedhan sana miti. Booranaa fi Baarentuun bakka quubsuma ilmaan Oromoota

maraa kan ibsu malee ilmaan Oromoo jalqabaa lamaan sana miti.

Akka hayyuu Oromoo Dr. Gammachuu Magarsaa irraa odeeffannetti booranaa fi baarentuu jechuun akka armaan gadii kanatti ibsamu-

Baarentuu: Barii aantuu/ Oromoota ba'a biiftuu qubatan ibsa.

Booranaa: - Boroo aanaa/ Oromoota lixa biiftuu qubatan ibsa.

Amma hubattee? Eeyyen akkasuma! Dhimma kanarratti hubannoo garaa garaatu jira. Egaa kunoo akkasitti ilaalcha garaa garaa qoratanii beekuuf yoo fedhii qabaatan waan hunda beekanii xiinxalaa cimaa ta'u. Inni Oromoo bulchuu fedhus silaa osoo ilaalcha Oromoo sirriitti hubatee bulcha.

Mee ati osoo kaatee carraa Oromoo bulchuu argattee silaa ilaalcha Oromoo dagattee akkamitti isa bulchuu

yaalta? Akkasitti biyyi ni bulchamaa? Kun waan danda'amu natti hin fakkaatu! Kanaafuu xiinxalaa cimaa ta'uuf ilaalcha Oromoos xiinxaluutu sirraa eegama jechuudha.

6)Bal'inaan dubbisi: Xiinxalaa cimaa ta'uuf dubbisuu qabda. Jaalala dubbisuu qabaachuun xiinxala sammuu guddisa. Yeroo dubbiftu beekumsaa fi ilaalcha garaa garaa argatta. Namni hanguma baratee fi dubbise beeka. Ta'us garuu hangam akka xiinxalaa cimaa taate kan murteessu baayyina kitaaba ati dubbifte ta'uu dhabuu mala. Xiinxalaa cimaa ta'uuf kitaabota xiinxala namaa guddisan filatanii dubbisuu barbaachisa. "Kitaabota meeqan dubbise jechuurra kitaabota meeqatu ilaalcha koo jijjiire jechuu wayya" jechuunis kanuma mirkaneessa.

Gosa barnootaa, muuxannoo, shaakalaa fi namoota filatanii irraa baruunis waantota dandeettii xiixala namaa guddisuu keessatti ga'ee taphachuu malan

jalatti ramadamu. Akkasitti malee xiinxalaa cimaa ta'uun hin yaadamu. Xiinxala sammuu guddisuuf dursa soorata sammuu guddisan qofa filanii sammuu sooruu danda'uutu namarraa eegama. Egaa kunoo akkasitti xiinxala gadi fagoo xiinxalu.

BOQONNAA 7

7.1. Tekinooloojii

'Teeknooloojii' jechi jedhu gabaabinaan yoo ibsamu: beekumsa saayinsawaa ta'een falaa fi mala dha'uun, akkasumas daandeettii fi albuuda fayyadamanii rakkoolee jireenya dhala namaa furuuf tooftaa godhamu hunda ibsa. Jechi kun Afaan Oromoo ta'uu baatus, yeroo ammaa namnii fi biyyi maqaa kana waamuu lagatu waan jiru hin fakkaatu. Eeyyen! Yeroo ammaa kana jecha 'tekinooloojii' jedhu kana guddaa fi xiqqaa, beekaaf wallaalaa, adii fi gurraacha osoo hin jedhin addunyaa guutuun yeroo wal harkaa fuudhee leellisaa ooluutu ifee mullata. Jecha kanarraa biyyootni addunyaa hundi jaalalaan waan qabaman fakkaatu. Nutis kanumaaf maqicha osoo hin jijjiirin akkuma achii dhufetti kan itti fayyadamnu ta'usaati. Haa ta'uutii amma kan ilaaluuf haajamne maqaa 'tekinooloojii' miti. Gumaacha 'tekinooloojiiti malee.

Eeyyen! kan nuti haajamne iccitii gosaa fi tooftaa 'tekinooloojii' duuba jiru sirriitti hubachuuti. Malee maqaa beekuu fi ergifachuu miti.

Beekumsi nuti haajamne maqaa waamuu miti. Bu'aa fi yaaddoo iccitii 'teekinooloojii' jedhan kana duuba jiru beekuuti. Namuu jechi 'tekinooloojii' jedhu afaan '*Giriikii* 'irraa kan ergifame ta'uu quba qaba. Kan nuti rakkanne hiikaa fi iccitii isa duuba jiruudha. Gabaabumatti *'tekinooloojiin'* tooftaa fayyadamanii rakkoo furuu ibsa. Addunyaan akka leellisu kan taasisus kanuma.

Yeroo ammaa kana daran leellifama jechuun garuu 'tekinooloojiin' ammuma eegalame jechuus miti. Dur dur kan eegalame ta'us, yeroo ammaa garuu sadarkaa ol-anaarra ga'uu isaatu daran akka leellifamu taasise. Guddinni 'tekinoloojii' dha'atuma dha'ataan dur durii kaasee guddataa kan as ga'eedha. Ta'us dhiyeenya kana saffisa ol aanaa fi ajaa'ibsiisaa ta'een

guddachuun isaa namootni addunyaa gara 'tekinooloojii' kanatti akka fuula qajeelfatan taasisee jira. Taatee 'tekinooloojiin' amma mullisaa jiru kun rakkoo namootaa furuu bira darbee sirna uumamaas waan jijjiiruu eegale fakkaata.

Bokkaa dur waaqni roobsu amma namnis ni roobsa. Lukkuu dur korma lukkuutu yaabee ciniina. Ilmaan ishees dur lukkuutu haammatee yaasa. Maal kana qofa dhalli namaa dur gadameessa haadhaa keessatti qofa uumamee guddata. Amma kun filannoo kan biraa argachuu danda'eera.

Amma kan lukkuu ciniinee killee buusisuu fi, ilmoo yaasu ‘tekinooloojii'dha. Yoo fedhe lukkuu fufurdoo, fedhu kan bifa adii, fedhus kan bifaan burree qofa filee haammatee wucii yaasa. Akkasitti lukkuun uumaa durii sun lukkuu 'teekinooloojii'n dhaalamte.

Dur silaa gadameessa haadha ofii qofa keessatti ulfa'anii dhalatu. Dhalataniis harmuma haadhaa qofa

hodhaa guddatu. Amma garuu yoo fedhan gadameessa kireessanii ulfeessu. Harma kiraa kanas hoosisanii guddisu. Kana gochuuf sanyii haadhaaf abbaa keessaa fuudhanii gadameesa kireeffame keessa ka'u. 'Tekinooloojiitu' kana fide.

Akkasumatti 'teekinooloojiin' sirna uumamaa gara fedhetti jijjiiruuf aangoo guutuu gonfatee jira. Jireenya hammeessuu fi laaffisuuf aangoo guddaa kan qabus isuma.

Namni 'tekinooloojii' fayyadamu maal hin goone? Yoo fedhe duroomsee, fedhu hiyyoomsa. Fedhu ni misoomsa, fedhummoo ni barbadeessa. Yoo fedhe ni dhukkubsachiisa, fedhummoo wal'aanee fayyisa. Kunoo akkasitti haboo waan fedhe gochuu nama gumaache 'tekinooloojiin' jedhan kun. Addunyaa guutuun gara tekinooloojiitti akka fuula qajeelfattu kan taasises kanuma.

Haa ta’uutii namni 'tekinooloojii' fayyadamuu kan eegale dur gaafa abdidda uumee ittiin waa bilcheessuu fi dhagaa fayyadamee ittiin bineensa ajjeesee nyaachuu eegale sana ta'uu hin dagannu. Achumaa booda minaan nyaataa bifa qonnaan oomishee itti fayyadamuu eegale. Sana booda qaroomina gonfachuun kalaqoota akka barreessuu, oogummaa bobboocaa; tajaajila geejjibaa (kan akka fardeenii fi arbaa leenjisee fayyadamuu), akkasumas oogummaa herregaa kalaquu danda'e.

Haaluma kanaan 'tekinooloojiin' guddachaa deemee jaarraa 18ffaa fi 19 ffaa keessa gara warraaqsa Induustiriitti ce'e.

Waantotni jaarraa warraaqsa induustrii (Industrial revolution) isa jedhan sana keessa kalaqaman ammoo guddinni 'tekinooloojii' kan duraarra daran akka saffisuuf karaa saaqe. Argannoo yeroo sanaa keessaa; mootora ykn 'ingene’; annisaa hurkaa;

konkolaataa; baabura; warshaa fi meeshaa maxxansaa fa'i. Guddinni 'tekinooloojii' yeroo sanaa ajab kan nama jechisiisu ture.

Haa ta'u malee guddinni teknooloojii inni yeroo ammaa kun isa yeroo darbee akka nuti hin saadne afaan nu qabuu hin oolle. Guddinni tekinooloojii inni yeroo ammaa (*'Modern technology'*) inni jedhan kun 'tekinooloojii' isa jaarraa 20 ffaa fi 21ffaa keessa mul'ate qofa kan ilaallatuudha. Yeroon kun yeroo itti 'teekinooloojiin' guddate qofa osoo hin taane, yeroo itti dhuka'e yoo jenne guddina isa ammaa kana waan ibsu natti fakkaata.

Guddina ajaa'ibsiisaa kanarras akka ga'uuf bu'uura kan ta'e argannoolee kanneen akka beekumsa: *'elektirooniksii'* fi 'maagneetiksii' jedhan sanaati. 'Elektirooniksiin' waa'ee sirna sochii 'elektiroonii' 'atoomii' keessatti taasisu qorata. '*Maagineetiksiin'* ammoo humna annisaa ittiin waantotni wal harkisan

qorata. Walumatti sochii fi kallattii sochii 'eletroonotni' taasisan beekuuf kan nama fayyaduudha. Kunis maqaa 'Elekitroomaagineetiksii' jedhamuun beekama. Meeshaaleen 'elektirooniksii' jedhamanis, kanneen sirna *'elektroomaagineetiksii'* kana hordofanii dalagan ta'uu hubanna.

'Elektirooniin' 'elementoota' keessa socho'uuf annisaa barbaachisa. Annisaa argannaan saffisa ifaa wajjin qixa fiiga. Meeshaaleen 'electrooniksiis' annisaa fayyadamanii annisaa kuufamaa tokko gara annisaa sochii, sagalee, ifa, ho'aa fi qorraa fa'atti jijjiiruu kan danda'anidha.

Fakkeenyaaf dhaabbatni humna ibsaa 'elektirikaa' annisaa fayyadamee annisaa kuufata. Annisaa kuufatu kanas bakka garaa garaatti raabsuuf daandii barbaachisa. Daandiin kun haada ibsaa 'elekrtikaa' ta'uusaati. Annisaa kuufame kana raabsuuf 'electroonotni' haada sana keessa saffisa ifaan wal

qixa gulufa. Akkasitti battaluma annisaa bakka yaadame qaqabsiisa jechuudha.

Meeshaaleen 'elektrooniksii's annisaa akkasitti raabsamu kana fayyadamanii dalagu. Meshaaleen elektirooniksii jedhan kunniin kanneen akka: - ibsaa, 'stove',' 'Televiizhiinii' fi kkf dha.

Ifni aduus sirna sochii 'elektrooniksii' kana hordofa. Ifni daddarbuuf garuu haada osoo hin taane bakka duwwaa 'vacuum' jedhan sana keessa danbali'a. Ifni carallaa tooraa fi kallattii qaban hedduurraa uumama. Kun ammoo ifni kallattii gara garaa irra danbali'uu kan malu ta'uu ibsa. Kanumaan danbaliin ifaas gosoota 'electiromagnetic waves' jedhaman keessaa isa tokko ta'uu danda'e.

Ifa kan maddisiisu keessaa tokko aduudha. Kanneen biroon ammoo sababa jijjiirama annisaatiin uumamu. Sanas ta'u kana, ifni yeroo maddu danbalii fi saffisa

mataa isaatiin gulufa. Danbaliin ifaa kunis isa 'waves' ykn rays' jedhamuun waamamu sanadha. Adeemsi elektirooniin elementoota keessatti taasisanis akkasumatti hubatama. Egaa kanumatu 'elektiromaagneetik waves' jedhamuun beekama(17). Meeshaalee 'elektirooniksii' kan namoonni ittiin fayyadamaa jiran uumuufis galteen jalqabaa isuma. Beekumsa 'elektroomaagneetiksii' kana ta'uu isaati.

Egaa akkasitti guddina 'tekinooloojii' ammayyaa kanaaf hubannoon 'elektrooniksii' galtee jalqabaa ta'e. Kanumaan meeshaalee: - yaala fayyaa; kan wal quunnamtii; kan qonnaa; kan ijaarsaa; kan waraanaa; kan geejjibaa fa'a ammayyeessanii omishamuuf haalli mijate.

Beekumsi 'elektiromaaginetiksii'' annisaa kuufamaa gara sochiitti akka jijjiiruun danda'amu taasise. Isumatu yoo fedhan annisaa sochii gara sagaleetti fedhan gara fakkiitti, fedhanis gara ho'aatti fedhan

ammoo gara qorraatti akka jijjiiranii itti fayyadaman godhe.

Maal kana qofa, beekumsuma kana qabaachuutu waantota xixiqqoo ijaan hin mullanne kanneen akka 'vaayiresii' fa'as namatti mullise. Isumaan yoo fedhan yaalanii fayyisuuf; fedhanis dhukkubsanii ajjeessuu akka danda'anitti sanyii ilbiisotaas qorachiise. Kanumatu sirna uumama ilbiisotaas gara isa ofii fedhanitti akka jijjiiruu malan taasise. Akkasitti ilbiisota 'vaayiresii' jedhaman kana keessaa ‘SIV' isa sanyii qamalee qofa hubuun beekamaa ture gara 'HIV' isa nama qofa hubutti ol gudisise. Kanumaan yoo fedhan ittiin lolanii mo'uuf fedhanis dhukkuba faana dawaa tolchanii ittiin duroomuu namoota shaakalsiise. Mee nadhiisi! Waan guddinni tekinooloojii inni ammaa kun namatti mullise himamee hin dhumu.

Haa ta'uutii 'tekinooloojii' kanatti yeroo ammaa namootni addunyaa marti walqixatti fayyadamaa hin jiran. Ta’us garuu faayidaan inni namootaaf kennaa jiru waan laayyoo miti. Keessumaa biyyootni guddatan 'teekinooloojii' kana guddisuus ta'e itti fayyadamuu keessatti shoora olaanaa qabu. Namootni biyyoota hin guddanne keessa jiran garuu 'teekinooloojii' jechuma dhaga'an malee kan ijaan arge muraasa.

Warri dhageettii qabanis maquma waamuu qofa akka waan tekinoolojii fayyadamaa jiraniittis ilaalu. Yoo baayyate qabeenya gurguranii waantota akka: - 'Teeleeviizhiinii', Bilbilaa, konkolaataa fa'a bitatu. Kanumatu 'teekinooloojiitiin' waan guddatan itti fakkeesse. Konkolaataa bituunis ta'e oofuun 'teekinooloojii' kan itti fakkaatu danuudha. Maal kana qofa, meeshaalee lolaa bitanii dhukaasuun biyyoota tekinooloojiin hin guddanne keessatti qaaroomina

fakkaata. Osoo ta'ee silaa, ofii tolchanii oofuus ta'e dhukaasuutu qaroomina ta'uu ibsa ture.

Namootni 'tekinooloojii' fayyadamaa jiru kan jedhaman yoo tekinooloojii fayyadamanii: - qonnaa qotuu eegalan; messhaalee fi galteewwan ijaarsaa oomishuu eegalan; Meeshaalee geejjibaaf oolan tolchuu danda'an; Annisaa ga'aa oomishuufi kuusuu akkasumas ittiin dalaguu danda'an; Dawaa fi meeshaalee yaala fayyaa oomishuu danda'an; albuuda warshaa garaa garaa keessatti galtee ta'an oomishuu danda'an; waraana ‘cyber */Cyber attack/*’ tolfachuu/qolachuu danda'an.(18) Yoo tekinooloojii 'dijiitaalaan' odeeffannoo uummachuu fi kuufachuu danda'an; meeshaalee waraanaa kan gosa hedduu ta'an tolfachuun ittiin loluu fi qolachuuf dandeettii horatan fa'a ta'uusaati.

Hubadhu! Waantotni armaan olitti caqafaman kunniin hundi ibsa bal'aa qabu. Fakkeenyaaf

Tekinooloojii fayyadamanii qonnaa qotanii oomisha danuu oomishuu jechuun dandeettii ittiin haala jiijiirama qilleensaa ta'atan tolfachuu, xaa'oo oomishuu; meeshaa qonnaa qabaachuu fi bakka roobni ga'aan hin jirretti bokkaa roobsuu faa dabalata. Egaa *'Tekinooloojii'* fayyadamuu jechuun akkasi. Tekinooloojiin kan guddatanis isaanuma.

Egaa warrra itti fayyadamaa jiruuf bu'aan 'tekinooloojii' inni yeroo ammaa kana fakkata. Isa ammaa Kanatti aanee kan jiru ammoo maal ta'inna? Kan jedhuuf ani mooji. Garuu guddinni tekinooloojii yoo haala kanaan kan itti fufu ta'e, tarii gaaffii "Akkoo Manooyyee" deebisuu kan hin oolle ta'uun hubadha. Lafaaf waaqa gidduutti mana ijaaruu kan malu jechuu kooti. Akkas taanaan silaa nutis warri asii lafas, manas, falas dhabnee 'kiraayii' teenyu kun, achii hirmaata woyii hin dhabnu jedheen abdadha. Tariimmoo fayidaa dhiisee badii fidee dhuufinnaa kan jedhus shakkiin qaba. Maaltu beeka?

BOQONNAA 8

8.1. Mudaa Tekinooloojii

'Teekinooloojiin' yeroo ammaa kana faayidaa guddaa akka namootaaf gumaachaa jiru quba qabna. Haa ta'uutii 'teekinooloojiin' faayidaa qofa osoo hin taane, mudaa danuus qaba. Eeyyen! Maalummaa 'teekinooloojii' beekanii sirnaan itti fayyadamnaan dhuguma bu'aa guddaa qaba. Haa ta'u malee garuu faayidaan 'teekinooloojii' mudaa inni qabaachuu malus xiinxalanii yoo hubatan qofa mirkanaa'a. Maalummaa teekinooloojii gadi fageessanii hubatanii beekuunis kanumaaf barbaachise. Kanumaaf 'teekinooloojii' tolfachuu fi bitachuu gidduu garaagarummaa jirus xiinxalanii ilaaluun kan nama barbaachisu ta'e.

Namni 'teekinooloojii' uummatu bu'aa fi miidhaa inni namatti fiduu malu qajeelchee beekuu qaba. Namni tolchu bu'aa fi miidhaasaa hubatee beeka. Kan

bitatutti garuu fayidaa qofa malee miidhaansaa waan itti mullatu hin fakkaatu. Kanaaf tekinooloojii gatii guddaan bitata. Inni uume fayidaa gama lamaan argachuu mala. Inni jalqabaa ammatti gurguree ittiin duroomuu yoo ta'u, kan biraan ammoo iccitii ta'uu mala. Icciticha namicha malee hundi hin argu. Argus hubachuuf ni rakkata.

Egaa kanumaaf shif-argaanis teekinooloojii namni yoo danda'e ofii tolfachuu malee bitachuun miidhaa qabaachuu akka malu iccitiin hima.

'Tekinooloojii' bituun yeroof malee itti fufiinsaan bitataa waan tajaajilu hin fakkaatu. Kunis sababa yoo namichi inni irraa teekinooloojii bitatan sun yeroo booda bitachuu dhorkate qaanii ta'u maluufi. Fakkeenyaaf 'teekinooloojii' isa qarshii kuusuufi daddabarsuuf nuti bitannee itti fayyadamnu yoo booda nuduraa huggurame maal beekna? Inni namaaf vaayiresii tolchu tekinooloojii ammoo ni lagata

jennee amanna moo? Tekinooloojiis namni dhukkubsachiisee dawaa fayyisu nutti gurguruuf karoorfate hin jiru jennee amannaa? 'Teekinooloojii' bitannu kana akkuma waaqaatti amanuu qabna jetta moo? Mee ati ofii akkamitti ilaalta? Ammaaf deebii siif dhiiseen gara mudaa 'teekinooloojii' isan ofii xiinxalee shakkutti sifida.

Ilaa akkasi! Dur irra jireessaan tekinooloojii kalaquuf yaalii beektonni taasisaa turan ittiin rakkoo jireenya namootaa furuu qofarratti kan xiyyeeffatu ture. Hiikni tekinooloojiis kanuma ibsaa ture. Ammas kanuma ibsa. Ta'us garuu dha'ata dha'ataan yaaliin argannoo tekinooloojiif taasifamu ammaa hiika duraa biratti kan biraas waan dabalaa jiru fakkaata. Kunis sababa namootni baayyinaan 'tekinooloojii' gara meeshaa waraanaatti jijjiiruu eegalaniif ta'uusaati. Gochi kun ammoo 'tekinooloojii' isa dur rakkoo jireenyaa furuun beekamu sana yeroo amma akka yaaddoo jireenya dhala namaa ta'eetti ilaalchisuu hin

oolle. Kana gochuu keessatti ilaalchi namoota ykn biyyoota ofittoo ta'anii muraasni shoora guddaa taphateera.

Osoo ofittootni ofittummaan namoota kan biraa balleessanii ofiif qofa jireenya gaarii jiraachuuf hin dhama'an ta'ee silaa beektotnis gara teekinooloojiin meeshaalee waraanaa kalaquutti hin ce'an ture. Silaa akkuma durii sana teekinooloojiin rakkoo jireenyaa furuuf malee jireenyatti yaaddoo uumuuf hin taasifamu ture. Garuu ilaalchi ofittummaa, keessumaa kan biyyoota duroomanirraa calaqqisiifamaa jiru beektotas waan mufachiise fakkaata. Kanaaf meeshaa waraanaa tekinooloojiin kalaquutti fuula qajeelfatanis jedheen shakka.

Eeyyen! Osoo ofittummaan hin dagaagne ta'ee silaa kan faayidaaf yaadame gara badiisaaf oolfamuutti hin jijjiiramu ture. Maarree, Ilaalchi jallaan kun qajeeluu dhabnaan namootni ilaalcha gaariin biyyaa fi

namootaaf furmaata kalaqaa turan amma kunoo gara badiisaaf kalaqa kalaquutti fuula qajeelfatanii jiru.

Tekinooloojiin dur lubbu qabeeyyii xixiqqoo akka 'vaayiresii' fi 'baakteeriyaa' qoratee rakkoo isaan namootarraan ga'aa turaniif dawaa soqaa tures, amma kunoo 'vaayiresii' kana oomishanii ittiin namoota balleessuuf yaaluutti ce'aa jiraachuu shif-argaan iccitiin dubbata. Kanas 'vaayiresoota': kanneen akka' HIV', Hepatitis', 'Ebola', 'Corona' fa'a jedhanii waaman sana fa'a fakkeenya fudhata. 'Vaayiresootni' kunniin kanneen dhukkuboota namni ittiin dararamu namatti fidaniidha. Isaan kana tarii namnumti tekinooloojiin kalaquu akka hin oolles shakkii jiru icitiin dubbata. Nutis kanumaan tooftaa lolaa keessaa tokko ta'uu hubanne. 'Biological war' isa jedhan sana ta'uusaati(19).

Akka shif-argaan iccitiin odeessutti *'Biological war'* isa jedhan kana namootni danuun waan hubatan hin

fakkaatu. Hubannoo dhorkuunis tooftaa jaraati. Keessumaa waraana kanaan namootni hedduu dararaman baayyinaan biyyoota hiyyeeyyii kanneen akka ardii Afrikaati'. Yaaliif jalqaba kan irratti xiyyeeffatamus biyyootuma kana.

Jarreen tooftaa waraanaaf dhibee kalaqan, dawaa dhibee sanaas walumaan kalaqu. Yaalii dawaafis biyyootuma akka Afirikaatu barbaadama. Dhibee fi dawaa kalaquuf kan barbaadamu biyyoota boodatti hafoo ta'uusaati. Sana booda bakka barbaachisutti geessanii ittiin waraanuuf karoorsu. Egaa tooftaa 'biologicla war' kana oomishuuf dursa kan yaaliin keessatti geggeeffamus kan gargaarsa talaallii fudhatus jalqaba biyyootuma hiyyeeyyiidha. Biyyootni hiyyeeyyiin kun garuu hubannoo kana hin qaban. Dhibeen kamuu uumamaan ykn waaqa biraa kan isaanitti dhufu ta'uu malee tooftaa waraanaa ta'uu akka malu tasuma quba hin qaban. Inumaayyuu waanti akkasii jiraachuusaa hin amanan. Dhugaan

jiru garuu biyyootni dhibee kana kalaqan ammaaf Afrikaanota keessatti yaalii geggeessanii dhumaatii namoota hedduu booda bifa gargaarsaan ammoo isaan tajaajiluu isaaniiti. Akkasitti Afrikaanota biratti biyyoota gaarii jedhamanii ilaalamu. Biyyootni tooftaa kana uummatan garuu milkaa'uu isaanii dhoksaan leellifatu. Eeyyen! isaan milka'an kun gaafa biyya fedhan loluu eegalan meeshaa lolaa kana bakka loluu fedhan sanatti lakkisu. Kanumaan dinagdeefi biyyoota biroo kuffisanii ofii duroomu. Kunis yaalii dawaa kalaqanii gurgurachuuti. Tooftaa ittiin durooman ta'uusaati. Kun ajab nama jechisiisa. Mee ati ilaalcha ofittummaa isa naatoo of kessaa hin qabne akkanaa kana akkamitti ilaalta? Osoo carraa argattee, silaa namoota akkasii kana akkam gochuu feeta? Deebii kee situ beeka.

Haa ta'uutii namootni ykn biyyootni akkasii kunniin waanuma facaasan yeroon itti isaan galfatan dhiyoo fakkaata. Biyyootni bifa kanaan miidhamaa jiranii fi

turanis gatii walfakkaatu deebisuuf jecha kalaqa kan biraa qopheessuun waan oolu miti.

Addunyaa kanarraa biyyi yeroo jalqabaaf Biological war kana fayyadamuu eegalte Jarman akka taatetu iccitiin odeeffama. Kanas jalqabaaf, yeroo waraana addunyaa lammaffaa sana, gosa *'baakteeriyaa'* kan *'Anthrax'* jedhamu fayyadamuun biyyoota masaanuu hubuuf yaaluusheetu iccitiin himama. Gochi kun ammoo biyyoota kaaniif barumsa ta'e. Kanumaan isaanis gosoota 'vaayiresii' garaagaraa irraa dhibee namni ittiin hubamuu malu uumuuf yaalii jalqaban. Egaa 'Biological war' kan jedhan kun akkasumatti eegaluun yeroo ammaa kana gosoota tooftaa waraanaa keessaas tokko ta'uu danda'e jechuudha.

Yaaddoo yeroo ammaa addunyaa guutuu dhuunfatee jiru keessaa inni guddaan namootni hundi yeroo hin beekamnetti addunyaa kanarraa du’anii dhumuu malu kan jedhuudha. Waantota namootni ittiin

addunyaa kanarraa balleeffamuu malan keessaa tokko, 'bological war' ta'uu akka hin oolledha. Kan biraan ammoo dhuka'aa isa 'Nuclear bomb' jedhan sanatti shakkama(20). Kanneen biroon gocha kanaan shakkamanii sodaatamanis ni jiru. Irra jireessaan garuu shakkii kanaan sodaa guddaa kan uumaa jiru *'Nuclear bombii'* isa jedhan sanadha. Kunis sababa dhuka'aan kun addunyaa guutuu al takkaan barbadeessuuf dandeettii qabuuf ta'uu isaati. 'Nuclear bomb' kun yoomi fi eenyuun akka dhukaafamu beekamuu baatus garuu dhukaafamuu akka hin oolle akeektuu danuutu jira. Jireenya dhala namaa maraaf yaaddoo guddaa ta'uun xiyyeeffannoo kan argatee jirus kanumaafi. Egaa kunoo kana fa'i mudaan 'tekinooloojii'.

BOQONNAA 9

9.1. Bara Dhumaa

Barri dhuma akka qabu namuu dhageettii woyii gurraa qaba. Ani dur gaafan ijoollee turee kaaseen dhaga'aa guddadhe. Kanas maatii kiyyatu amantaa kiristaanaarraa dhaga'ee natti himaa ture. Maarree, jiraachuu bara dhumaa kana dur amantaa qofti kan lallabu ta'uun beeka.

Amantaaleen dur kan barsiisaa turanii fi ammas barsiisaa jiran yeroo hin beekamnetti barri dhumaa dhufuuf akka maluudha. Yericha garuu Waaqa ykn *'Rabbi'* malee namni beeku akka hin jirres dur amantaa qofatu nama barsiisaa ture. Waa'ee bara dhumaa barsiisuun kan beekaman kanneen biroon jiraachuu malanis, irra jireessaan Kiristaanummaa fi Isilaamummaatu ittiin beekama(21).

Haa ta'u malee yeroo ammaa kana beektoota saayinsii birattis barri dhumaa jiraachuu akka malu shakkii uumee jira. Ta'us garuu akkaataa ittiin barri dhumaa kun uumamuu malurratti ibsi amantaa fi saayinsii garaa garummaa ni qaba. Sanas ta'u kana garuu yeroo hin beekamne tokkotti barri dhumaa ta'uuf akka malu gama hundaan shakkiin jiraachuu hubanna. Ati hin jiru jechuun mirga keeti! Yoo akka jiru amanteef garuu amma akkamitti kan jedhu ilaaluuf dirqamna.

Akkamitti barri dhuma kan jedhuuf deebii kennuun dura ibsa gama amantaa fi saayinsiin kennamu lamaan ilaaluu nu gaafata. Ammaaf garuu ibsa gama amantaan ibsamu amantichaaf dhiifneetu, ibsa gama saayinsiin ibsamu qofa ilaaluu haajamna.

Akka ilaalcha beektota saayinsiitti, barri dhumaa inni dur fagoo fakkaatu, amma waanuma as dhiyoo fakkaata(22).

Waanti hubachuuf haajamne akkamiti isa jedhu ture. Kanaaf deebii gaabaan jechuma Stephenhowkin sana bu'uura godhata. "*Namni kalaquma ofii kalaqeen addunyaarraa balleeffama*".

Ija saayinsiitiin yeroo ilaalamu barri dhumaa isuma '*tekinooloojii'* jedhan sanaa wajjiin walitti hidhata. Namni kan addunyaa kanarraa ittiin balleeffamuu malus kanumaani. Lafarraa baduun kun ammoo nama qofa osoo hin taane uumama lafarra jiranis balleessuu dabalata. Kan bara dhumaa jedhamu gaaficha sana. Gaafuma sanyiin namaa lafa kanarraa guutummaatti balleffamu ta'uu isaati. Gaafa sana booda garuu lafti turtii booda yoo feete uumama kan biraa biqilchuu, feetus akkuma 'pilaaneetii' kan biraa dhagaa qofaan aguugamtee jiraachuuf mirga guutuu qabdi.

Waanti bara dhumaa fiduun shakkamu 'Nuclear bomb' isa jedhan sana ta'uu akka malu oduu danuutu dhaga'ama. Nutis kanuma ballinaan ilaaluuf yaalla.

Jalqabumarraa kaanee yoo illaalle 'Nuclear bombiin' akka kalaqamuuf sababa kan ta'e Ilaalcha ofittummaati. Kun Ilaalcha namoota meeshaa kana kalaqanii qofa kan ilaallatu miti. Sababa dhiibbaa namoota kan biroonis ta'uu kan malu ta'uusaati.

Namootni meeshaa kana kalaquu keessatti qooda fudhatan, jalqaba meeshicha kalaquuf karoora waan qaban hin fakkaatu.

Osoo *'nuclear bombiin'* tolfamee waraanaaf hin oolfamin dura, saayinsistootni adeemsa anniisaa guddaan ittiin uumamuu malu qorannoon argatan. Anniisaan argame kun ammoo wantoota faayidaaf oolan ittiin oomishuuf kan yaadame ture. Yeroo booda garuu sababa dhiibbaa namoota ilaalcha ofittummaa qabanirraa isaan mudateen annisaa silaa

tajaajila namootaaf oolu kana gara meeshaa waraanaa isa ittiin nama balleessan kalaquutti akka jijjiiraniif karaan saaqame. Kanaafuu meeshaa waraanaa *'nuclear bomb'* jedhamu kana oomishuun dura galteewwan meeshichi irraa uumamuu danda'etu qorannoon kalaqamaa ture jechuudha. Waantotni annisaa guddaa uumuu danda'an kunniin 'elementoota' garaagaraa qorachuun kan argamaniidha. Qorannoo adeemsa annisaan ittiin uumamu kalaquuf taasifame keessattis beektota oogummaa garaa garaa qabantu qooda fudhate. Kunis irra jireessaan 'saayinsistoota' muummee '*Fiiziksii*' fi '*Kemistrii'* fa'a dabalata.

Haaluma kanaan *'atoomotaa'*fi '*elementoota'* garaa garaa qorachuun yaalii walnyaatiinsa garaa garaa booda adeemsa annisaa guddaan ittiin uumamu uuman(23). Qorannoon haala kanaan taasifamaa ture fayidaaf kan oolu ture. Ta'us yeroo booda beekumsa kanaan meeshaa badiisaaf oolu kanas tolchuun

danda'ame. Egaa dhuka'aa 'nuclear bomb' jedhan kana uumuun kan danda'ame argannoo garaagaraa walitti dabaluun ta'uusaati. Kanaafuu meeshaa kana jalqaba kan uume nama tokko qofa miti jechuudha. Gumaacha namoota hedduu kan dabalatudha malee.

Galteewwan meeshichi irraa tolfame uumuu fi meeshicha tolchuu gidduu garaagarummaa jiru addaan baasnee hubachuu qabna. Kunis gaaffii eenyutu badiisa meeshaan kun dhala namaarratti uumuu maluuf itti gaafatamummaa fudhachuu qaba? jedhuuf deebii akka argannu taasisa. Dabalataanis eenyufaatu meeshaa kana kalaqe jechuun dura eenyutu meeshicha akka isaan tolchaniif dirqamsiise gaaffii jedhuuf deeebii argachuu feesisa. Tarii meeshicha kalaquuf osoo fedha hin qabaatin, beektotni dirqamaan kalaquu kan malan ta'uus hin oolan jechuufani.

Namootni kallattiinis ta'u alkallattiin *'Nucela bombii'* kalaquu keessatti qooda fudhatan hundi badiisa dhala namaarratti uumamuuf kanneen itti gaafatamummaa jala jiran akkuma jiran kanneen walaba ta'anis danuudha.

Biyyi *Nucelar bombii* of harkaa qabdu tokko osoo akka tasaa ammuma kaatee biyya masaanuutti dhukaaftee, silaa badanii balleessuunis ammuma ta'a.

Biyyootni yeroo ammaa *nuclear boombii* oomishaa jiran ittiin lolanii mo'uu qofaaf waan yaadanis hin fakkaatu. Tariii gaafa biyyi masaanuu isaanii taate tokko isaaniin balleessitee ofii jiraachuuf karoorsite, isaanis biyya dhukaafte sanatti dhukaasanii balleessuuf kan haajaman fakkaatu. Tariimmoo yoo biyya masaanuu isaanii lolanii mo'achuu dhaban, murtoon dhumaa *neucler boombiin* badanii balleessuuf haajamanii kan oomishaa jiranis ta'uu hin oolu.

Kanarraa kaanee kan hubannu biyyootni yeroo ammaa *Nuclear bombii* oomishuurratti bobba'aa jiran ittiin of kabachiisuuf kan yaadan ta'uu hubanna. Gochi kun dhaamsa" biyyi kamuu natti hin bu'in! Anis sitti hin bu'uu" jedhu waan qabu fakkata. Egaa yaaddoon Neuclear bombiin wal qabatu meeshicha kalaquu fi oomishuu namootaa osoo hin taane yeroo ammaa eenyutu dhukaasuu mala kan jedhu ta'uu isaa sirriitti waan ife fakkaata.

Eeyyen! Amma biyya kamtu neucler bombii uume? Biyya kamtus oomishaa jira? Isa jennu caalaa, biyya kamtu dursa dhukaasuu mala jechuutu yaaddoodha. Kun ammoo yoom akka dhukaafamuu malus iyyaafachuu dabalata. Barri dhumaa yoom akka ta’u yoo sana ifee nutti mullata.

Haaluma armaan oliitti ilaalle iraa ka'uun yoo ilaalle barri dhumaa yeroo dhiyootti kan ta'uu malu akka ta'e tilmaamuun salphaadha. Yeroo ammaa kana

addunyaan kun dhuma argachuuf fiixeerra jirti. Kun biyyoota addunyaa yaaddoo guddaa keessa seensisee jira. Kanas akka salphaatti hubachuuf lola biyyoota garaagaraa gidduutti adeemsifamaa jiru fakkeenya fudhannee yoo ilaalle ifa ta'a.

Fakkeenyaaf yeroo ammaa waraana biyya '*Yuukreenii*' if '*Raashaa*' gidduutti adeemsifamaa jiru ilaaluun ni danda'ama. Lolli kun lola biyyoota lameenii qofa hin fakkaatu. Lolichi lola biyyootni dureeyyiin keessatti qooda fudhachaa jiran ta'uutu shakkama. Kanumaaf addunyaan yaaddoo guddaa keessa seentee jirti. Kun ammoo sababa biyyootni miseensa dhaabbata *'NATO'* ta'an gocha *'Raashiyaa'* mormuun '*Raashiyaa'* balleessuuf tuttuqaa jiraniifi. '*Raashiyaanis'* biyyoota kanaan "Adabadhaa, ta'uu baannaan *'Nuclear bombii*'nan isin balleessaa!" waan jechaa jirtu fakkaata.

Keessumaa 'Raashiyaan' 'Ameerikaa' wajjin wal gaarreffachuu erga eegalanii kan bubbule ta'us ammaa haalli kun waan jabaate fakkaata. Raashiyaan isa Ameerikaan biyyoota isheen morkatan dadhabsiisuuf kaattu kana hin jaallattu. Ameerikaanis cichitee 'Raashiyaa' kanaan gaarreffatti. Biyyootni kun lamaan masaanuu cimaa waliif ta'anii jiru. Kanumaan bifa danda'ameen Ameerikaan 'Raashiyaa' dadhabsiisuuf yoo yaaltu, Raashiyaanis Ameerikaa dadhabsiisuu yaalti. Yeroo ammaa kana garuu gara bifa danda'ameen wal balleessuutti ce'anii waan jiranis fakkaata. Lolaafis tooftaa garaa garaa uummatanii jiru. Michuu isaan gargaaree lolus horachuuf garee uummatanii jiru. Kunis yeroo ammaa kana biyyoota addunyaa garee lamatti qoodee waan jiru fakkaata.

Waa'ee garee *'NATO'* fi Garee *'BRICS'* jedhan sanaa quba qabda jedheen abdadha(24). Gareen kun lamaan sababa Raashiyaa fi Ameerikaa gidduu wal

dhabdeen jiirurraa ka'uun kan uumame fakkaata. Yeroo ammaa kana biyyoota addunyaa kanarra jiran keessaa kan garee *'NATO'* jedhamutti miseensa ta'an, akkasumas garee *'BRICS'* jedhamu keesaatti miseensa ta'anii jiran tooftaa michuu horachuu Ameerikaa fi Raashiyaa kana kan mirkaneessaniidha. Kunis '*NATO'*n garee michummaa Ameerikaa yoo ta'u(25), '*BRICS*' ammoo garee Raashiyaa ta'uusaati(26, 27) . Egaa akkasitti yoo wal lolan lolichi lola addunyaa ta'uu kan malu ta'uusaati.

Haa ta'uutii yeroo ammaa kana Ameerikaa fi Raashaan biyyoota 'nuclar bomb' isa jedhan kana heddumminaan oomishanii qaban keessaa warra angafaati. Keessumaa Raashiyaan Ameerikaa caalaa meeshaa kana hidhattee akka jirtutu iccitiin himama. Yeroo ammaa kana Raashiyaan 'nuclar bombii' 5000 ol ta'e qabaachuu akka hin oolletu shakkama. Waanti hubatamuu qabu kan biraan ammoo baayyina qofa

osoo hin taane dandeettii meeshaan kun ittiin badiisa qaqqabsiisuu danda'u garaagara ta'uu isaati.

Hangi meeshaa kanaa safartuu 'kiiloo toonii' jedhamuun safarama(27). Fakkeenyaaf 'nuclear bombii' inni magaalaa Nagaasaakii guutummaati barbadeessuun, namoota kuma dhibbaan lakkaa'aman ajjeesee ture sun, kiiloo toonii 15 qofa ture. Yeroo ammaa garuu Raashiyaan *nuclear bombii, kiloo toonii 1000* ta'e qabdi jedhamee shakkama. Kunis boombiin kun yoo ardii Ameerikaatti dhukaafame, ardii Ameerikaa sana guutummaatti balleessuu kan danda'u ta'uusaati. Kana jechuunis yeroo ammaa Ameerikaa balleessuufi dhiisuun harka Raashiyaa jira jechuudha. Ta'us, Raashaan yoo bombii kana Ameerikaatti furguggiftu, Ameerikaan ammoo calliftee ilaalti jechuus miti.

Yoo *'Misaa'elli*' Raashiyaa irraa *'Nuclear bombii'* fe'atee Ameerikaa barbadeessuuf garasitti

furguggifame, battaluma 'misaa'elichi' ka'u Ameerikaan arguu dandeessi. Gaafa kana callistee baduusheerra Ameerikaanis Raashiyaa balleessuuf 'misaa'ela' gara Awurooppaatti furguggisuu hin ooltu. Kana gochuuf lakkoofsa darbii ykn 'Pasword' Misaa'ela' harkasaanii jiru cuqaasuu qofa gaafata. Yoo sana biyyootni garee Ameerikaa fi Raashiyaa sun daboo kanatti yaa'uus hin oolan. Egaa akkasitti addunyaan kun barbadooftee barri dhuma argachuuf deema. Kana hanbisuuf furmaatni jiru maali? Deebii siifan dhiisa.

BOQONNAA 10

10.1. Garaagarummaa

Namoota gidduu garaa garummaa danuutu jira. Garaagarummaan kunis waantota ykn haal duree danuun uumama. Isaan keessaa garaagarummaa guddaa kan uumu garuu ilaalcha.

Namni ilaalcha qarate akkuma 'Shif-argaa' isa fagoos isa dhihoos ilaalee arga. Arguu qofas miti irraaf jala isaas qoree hubata. Namni wanta dhokatee rakkoof namoota saaxilaa jiru argee hubachuu danda'u, furmaatas akkasuma fageessee arga.

Namni nama ta'uuf, akka namaatti fageessee yaaduu qaba. Kanaafuu namoota keessa namni jira. Eeyyen namni namoota keessa dhokatee jiru tokko jira. Namni sun osoo argamee silaa qoricha addunyaan dhimmitee iyyaafattuudha. Namichi nama isa addunyaa dhukkubsattee jirtu kana fayyisuudha.

Namni sun eenyu? Tarii siin ta'innaa? Eenyuunuu haa ta'u, garuu namtichi barbaadamee argamuun dirqama. Ta'uu baannaan dhukkubni yeroo ammaa addunyaa qabee dararaa jiru kun furmaata waan argatu hin fakkaatu. Kanaaf namichi barbaadama.

Egaa namoota keessa nama barbaadamutu jira. Namni namuma ta'eef nama guutuu hin jedhamu. Namni nama jedhamuuf dursa nama furmaataa ta'uu qaba. Namni tokko addunyaarratti uumamuun isaa sababa malee mitiifan jedhe. Kanaaf namni yoo gumaacha addunyaan isarraa eegdu hin gumaachine ulaagaa namummaa hin guutin jira. Kanaafan namoota keessa namni jira jechuus jaalle. Maarree dhuguma namni garaa garummaa ni qaba.

Hubadhu! Garaa garummaan jechaa jirru kun garuu isa bifaan addaatanii ykn ammoo gurraacha ta'anii dhalatan sana hin dabalatu. Garaa garummaa isa fuulaafi boca ilaalanii bareedaa fi fokkisaa ta'uu

namaa himan sanas miti. Ammatti dhimmi akkasii dhimma keenya miti. Isa yoo fedhe qajeelchee fedhummoo jallisee, yoo fedhe gurraachessee fedhus addeessee uumuun fedha waaqaati. Kana ibsuuf jecha isa Oromoon "Jaallatanii hin godoomani, Waaqatu bedengeree nama uuma" jedhu qofti ga'aa natti fakkaata.

Amma kan ilaaluuf haajamne garaagarummaa isa namni ofumaan uummatu sanadha. Eeyyen! Mudaa garaa garummaa ilaalchaati. Maarree nutis isuma kanarrati mari'achuuf haajamne. Isuma tarii aniif ati waliin dubbannee qajeelchuu mallu sana jechuu kooti.

Ilaa hubadhu! Gatiin namaa kan ittiin tilmaamu bifaan miti. Yookaan ammoo, qabeenyaan, sanyiin, akkasumas bakkaa fi haala keessatti dhalataniinis miti. Gatiin namaa ilaalcha inni qabuun tilmaamama. Ati nama gatii qaalii ta'uuf ilaalchikee filatamaa ta'uu qaba jechuudha.

Waa'ee garaa garummaa ilaalcha namootaa kana ifa taasisuuf mee Ilaalcha namni qabaachuu maluu fi maallaqa waliin madaaluun haa ilaallu. Kanas barbaachisummaa qarshii: abbaa 1, abbaa 5, abbaa 10, abbaa 50, abbaa 100, abbaa 200 fa'a fakkeenya fudhannee waliin madaaluun eegalla.

Osoo ilaalchi kee qarshii isa abbaa 1 wajjin wal qixa kan madaalamu ta'ee, silaa namni dhimmakee hin qabu. Gatii waan hin qabneefis ni tuffatamta. Yeroo ammaa kana qarshii abba 1 lafaa yoo argeyyuu namni fuudhee korojoo kaawwachuu dhiiseera. Gatii dhabnaan lafumatti dhiitanii bira darbu. Garuu osoo ilaalchikee hanga qarshii abbaa 200 wajjin wal qixa kan madaalamu ta'ee silaa namuu si barbaacha jooraa oola. Maarree silaa hunda namaa keessaa si qofatu barbaadama. Ati gatiin kee qaaliidha. Maarree kanumaaf addunyaanis nama ilaalcha qaalawaa qabu akkasii kana hawwitee iyyaafataa jirti.

Ilaa ammas hubadhu! Ilaalchi kamuu ni jijjiirama. Eeyyen! Ilaalchi: ni guddata, ni xiqqaata, ni gaaroma, ni gadhoomas. Kanaafuu nama osoo hin taane ilaalchatu jijjiirama. Egaa namnis kanumaan filatamaa ykn tuffatamaa jedhama. Haala kanaan namootni ilaalcha badaa qaban gara ilaalcha isa gaariitti jijjiirachuu ni danda'u. Kanneen ilaalcha gaarii qabanis akkuma gara isa badaatti jijjiirrachuu malan sana jechuudha.

Akka shif-argaan himee mullisutti namootni addunyaarra jiran hundi namummaa qofa walqixa qooddatu. Kunis garaa garummaa guddaan namoota gidduu jiraachuu ibsa. Garaagarummaa qabaachuun ammoo kennaa uumamni isaan badhaafte ta'uus hubannee jirra. Garaagarummaan ilaalchaa garuu erga nama ta'anii dhalatanii booda kan namni ofiin uummatu ta'uu isaatu dubbii ijoo keenyaa isa taasise.

Garaagarummaan ilaalchaa garaa garummaa amalaa fi fedhii namootaa dabalata. Namni tokko fedha akkamii qaba jechuun dura gaaffilee kanneen: namichi aadaa kam keessatti dhalatee guddate? Maal barachaa guddate? Eenyutu barsiise? Hagam barate? Akkamitti? Yoom? Eessatti? Maaliif? jedhanii gaafachuutu dursa. Eeyyen! Namni tokko Siyaasa akkamii hordofa? jechuun dura, siyaasa namoota akkamiirraa barate? jechuutu dursuu qaba. Namni rakkoo karaa salphaan furuuf mala akkamii fayyadama? jechuun duras namni sun beekumsa hagamii qaba jechuutu dursa. Namni tokko maal soorata? kan jedhu beekuuf dursa aadaa, amantaa, beekumsaa fi muuxannoo namichaa hubatanii tilmaamuutu irra salphaata. Dalagaa filatanii dalaguu fi dhiisuun namootaas kanumaan madaalamee, tilmaamama.

Maarree egaa garaagarummaa dinagdee, siyaasaa fi sooratаa maaltu namoota gidduutti uume ykn uumaa

jira gaaffii jedhu yoo nagaafatte deebiin salphaadha. Ilaachatu uuma. Ilaalchas namni beekumsa, aadaa, hiriyyaa, amantaa, muuxannoo fa'arraa akka argatu hubachuuf atis wallaalaa miti.

Hubadhu! akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalame namni hundi ilaalcha walfakkaatu hin qabu jechuudha malee, namni siyaasa, dinagdee, fi soorata hin fayyadamne jira jechuu miti. Walfakkaachuu dhabus namni kamuu siyaasas ta'e soorata akkuma ilaalchi isaa itti mul'isetti filata. Egaa garaagarummaan ilaaluuf jennus kanuma.

Ati siyaasa deggeruu dhiiste jechuun siyaasa hordoftu hin qabdu jechuu miti. Mullistee himachuu baattus siiyaasa filattuu fi hordoftu ni qabda. Anis akkasuma. Garaagarummaan anaaf sigidduutti uumamuu malus kanuma. Ati "isa kan kootii hordofuu qabda" fedhii jedhu qabda. Animmoo "lakki ati kanuma koo hordofi" jechuurratti wal dhabna. Egaa

garaagarummaan haala kanaan nugidduutti uumame tarii sababa garaagarummaa amantaa keenyaaf ta'uu mala. Tariimmoo beekumsaa fi muuxannoo qabnus ta'uu ni mala. Haala kanaan garaagarummaan yoo nu gidduutti uumame rakkoo hin qabu. Kanaafuu anis atis badii hin qabnu. Yoo feene waliin dubbannee, feenus waliin falminee dhugaa jiru erga hubannee booda tarii anis hubadhee siyaasa isa kan keetii hordofuun mala. Atis akkasuma. Kun rakkoo namootaa miti.

Rakkoon namootaa inni guddaan adeemsa ittiin garaagarummaa gidduu isaanii jiru furuuf taasisaniidha. Namootni osoo haala salphaan waliif galuun danda'amuu, isa dhiisanii wal balleessuuf tooftaa tolfatu. Yaalii qofaa duroomuuti. Kanumaan isa morme balleessanii ofii jiraachuuf haala mijeeffatu. Akkasitti garuu rakkootu rakkoo dhala malee furmaatni argamu waan jiru hin fakkaatu. Yeroof waanuma kaaniin balleessanii ofii jiraatan itti

fakkaachuu mala. Malee namni bifa kanaan mo'ataa ta'u waan argamu hin fakkaatu.

Ilaa! Walballeessuuf yaaluun ilaalcha anummaa fi ofittummaa kunuunsee guddisa. Ilaalchi akkasii dagaaguun ammoo wal dhabdee finiinsuuf haala mijeessa. Dhalootni ilaalcha kana keessatti dhalatee guddatus isuma dhaala godhata. Kanumaan ilaalchi faalamaan kun dhalootaa dhalootatti darbuuf carraas argata. Kana rakkoon!

Biyya namootni ilaalcha anummaan faalaman keessatti osoo namni wayii ka'ee ilaalcha namummaa labsuu eegalee, silaa namni sun hedduu rakkata. Ni cunqurfama, ni dararfama, ni abaarama, ni tuffatama, itti tufama, ni jibbama, ni dhiibama, lubbuun jiraachuufis ni danqama. Gochuma akkasii kanatu namoota ilaalcha silaa namummaan rakkoo furuuf ifaajan mogolee buusee afaan cufachiisa. Kanumaan isaan callisnaan ololli safuu cabse wacaan gurra

namatti duucha. Biyyis biyya wollaalotaa fakkaatee mullata. Addunyaan guutuun ammatti rakkoo kana rakkatte.

Egaa waldhabdeen namoota ykn biyyoota lama gidduutti akka salphaatti uumame yoo furmaata hin arganne, garaagarummaa guddaa uuma. Kun ammoo gara badiisa guutuu addunyaatti kan ce'u ta'uus ni mala. Waanti yeroo ammaa kana iddoo hedduutti mullachaa jirus kanumaan wal qabata.

Dhibee ilaalcha badiin uumamuu maluuf furmaatni waaraan kan argamu yoo namootni ilaalcha anummaa isa ofittummaan guutame sana dhiisanii ilaalcha namummaa isa walqixxummaa fi jaalala namoota gidduutti finiinsu kunuunsan qofadha. Osoo akkas ta'ee silaa yaaddoon yeroo ammaa addunyaa guutuu yaaddessu kun hin dhalatu ture. Sila jireenyis rakkoo ulfaa'ee du'a lakkuu hin dhalu. Eeyyen! Silaa jireenyi qaala'ee, lubbuunis hin badu.

Biyyootnis ta'e namootni addunyaarra jiraatan garaagarummaa ilaalchaa qabaachuu miti kan cubbuu qabu jenneerra. Inumaayyuu namni ilaalchaan walfakkaachuunis hiree uumaa miti.

Namni hundi namuma jechuun namni hundi hiree walqixa qaba jechuus miti. Kanaafuu namoota gidduutti garaagarummaan jiraachuu qaba. Eeyyen! Garaagarummaan rakkoo miti. Rakkoon kan jirtu akkaataa waldhabdee ittiin furachuuf yaalan bira. Namootni ilaalcha anummaa fi namummaa keessaa isa kamiin dhibee furuuf yaalu? Isa kamtus rakkoo hanbisa? Kamtummoo dhibdee finiinsa? Gaaffilee jedhantu dursa itti yaadamuu feesisa. Lolaan rakkoo furuun ilaalcha namummaa miti. Akkasitti rakkoo furuuf gareen dhaadhatu kamiyyuu ilaalcha anummaa leellisa malee namummaa miti.

Yeroo ammaa ilaalchi anummaa fi ofittummaa kun biyya keenyas waararee jira. Nuti silaa dur dhibdee

jiru jaarsummaan dubbannee furmaata arganna. Jaarsummaan durii sun ilaalcha namummaatiin dhibdee furaa ture. Yeroo ammaa garuu jaarsi waldhabdee furus waan as jiru hin fakkaatu. Yoo jiraates akka jaarsummaa isa durii sana miti. Amma jaarsummaanis gara siyaasaatti nu jalaa geeddaramuu hin oolle. Kunis rakkoo guddaadha!

Jaarsa araaraa dhabuun waldhabdee keenyatti yeroo dheeresse. Kanumaan oduun nan balleessee fi nan ajjeese jedhu gurra nutti duuchaa oola asitti. Oduu akkasii kana jalaa bakka itti baqannus dhabnaan, oduu kana akkuma sirbaatti fudhannee ittiin dhiichisaa oolla. Kunoo akkasitti ilaalchi anummaa mataa olqabannaan ilaalchi namummaa mataa buusee deema as nubiratti. Garaagarummaa ilaalchaati.

BOQONNAA 11

11.1. Anummaa

Waaqni nama uumnaan namnimmoo ilaalcha uume. Ilaalchi namni uumu kunis gargari. Gosa danuus qaba. Gariin ilaalcha anummaa yoo ta'e gariin ammoo kan biraati. Ammatti ilaaluuf kan jennu garuu ilaalcha anummaati. Ammaaf isa ilaallee kaanitti booda dhufna.

Ilaalchi anummaa kun ilaalcha isa yeroo baayyee rakkoo uumuun beekamuudha. Ilaalchichi namoota gidduutti walii galteen akka hin jiraanne taasisa. Kanaafuu ilaalcha lola uumee baballisu ta'uu malee kan furmaata argamsiisu ta'ee hin beekamu. Ta'us garuu ilaalchi kun namuma hunda bira jira. Mee namni anummaarraa walaba ta'e meerre eessa jira?

Ilaalchi kun ilaalcha ofittummaan guutameedha. Ilaalcha kanarraa namni bilasa ta'e hin jiru jechuun

garuu namni hundi ofittummaa walfakkaatu qaba jechuus miti. Hangisaa garaa gara ta'us, namni hundi ofittoodha akka jechuuti malee.

Namootni hundi ilaalcha ofittummaa/anummaa kana kan calaqqisiisan ta'us, yoo fedhan hirrisuu fi fedhanis guddisuun kan danda'amudha. Hirrisuun kan danda'amu yoo ilaalcha kana suuta suutaan gara isa namummaatti jijjiirachuun danda'amedha. Kunis namootni ilaalchicha akka jijjiirrataniif yoo haalli mijataan jiraate qofa. Kana ta'uu baannaan ilaalchi anummaa kun yoo nama keessa bubbule ilaalcha ofittummaa baballisuuf carraa argata. Haala kanaan ilaalchi namummaas ilaalcha ofittummaan dhugamaa deema.

Namni tokko yoo namoota ilaalcha anummaa qabaniin marfamee kan jiraatu ta'e, yeroo booda yaaliin inni qofaa isaa ilaalcha namummaan rakkoo furuuf taasisaa ture sun jalaa maqfamuu mala. Kunis

sababa namni hundi miira qabuuf ta'usaati. Fknf Namni bifnisaa gurraachaa fi kan ilaalcha namummaan guutame tokko, osoo akka tasaa biyya warra adii deemee achitti sababa bifa isaatiin akka namaatti osoo hin taane, akka garbaatti kan cunqurfamu ta'ee, silaa namni sun miira aariitiin guutamuunsaa waan oolu miti. Miira aarii kanaan guutamees "Waaqayyo sanyii keessan lafarraa haa fixu" jechuus hin oolu. Kana jechuun inni ofii humna dhabnaan waaqni akka isaan fixuuf daboo kadhate malee, silaa osoo humna ittiin isaan fixu qabaatee, waaqa daboo hin kadhatu ture. Egaa rakkoo amma addunyaan rakkattee jirtus haaluma kanaan kan uumame fakkaata.

Dhiibbaa namoota kan biraa irraa isaan mudatuun yeroo baayyee namootni ilaalcha gaarii qaban tokko, gara isa badaatti jijjiirrachuu malu. Akkuma Ilaalcha badaa irraa gara gaariitti jijjiirrachuun danda'amu sana jechuudha. Kan cubbuu ta'u garuu yoo inni

gaariin isa badaatti jijjiirameedha. Ilaalcha badaan badiisa malee gaarii hin gumaachu jechuufani. "Titiisarraa damma hin eegin!" jechuunis kanuma ibsa. Mitiiree?

Yeroo ammaa biyyoota addunyaa gara badiisaatti kan oofaa jiru ilaalcha anummaa isa ofittummaan guutame kana akka ta'e xiinxalanii hubachuun nama hin dhibu. Isuma namootni namummaa dhiisanii anummaan rakkoo furuu yaalan sanadha. Kanaafuu rakkoo guddaan addunyaan kun ittiin dararamaa jirtu sababa dogoggora filannoo ilaalchaa ta'uusaati.

Yeroo ammaa kana namootni dhuunfaas ta'e, gareen, akkasumas biyyootni hedduun: - dandeettii, aangoo fi humna garaagaraa fayyadamanii waldhabdee furuuf yaalii xumura hin qabne taasisuurrati argamu. Kunis ilaalchi ofittummaa namoota gidduutti dagaagee jiraachuu mullisa. Yaaddoo guddaa kan uumaa jirus kanuma. Kanumarraa ka'uun Yeroo ammaa kana

addunyaa guutuurratti oduu badanii balleessuutu odeeffama. Malee oduun gaarummaa namoota gidduutti labsu hagas mara hin dhaga'amu. Kun hagam addunyaan rakoo cimaa keessa akka seentee jirtu mul'isa.

Rakkoo kana hanbisuuf furmaatni waaraan kan argamu yoo hanga danda'ameen namootni hundi ilaalcha badii kana gara ilaalcha isa gaariitti jijjiirachuu malan qofa. Kun ammoo anaaf sirraa yoo eegale mirkanaa'a. Ta'uu baannaan addunyaan kun ni barbadoofti. Isheen barbadoofnaan ammoo namni fayyadamaa ta'u tokko hin jiru. Kun egaa bu'aa anummaan namootaaf gumaachu ta'uu isaati.

Ilaalchi anummaa kun maal hin goone? Ilaalchuma kanatu tolfamuu 'nuclear bomb' isa jedhan sanaafis sababa jalqabaa ta'e. Kanumaan barris dhuma argachuuf kan maltu ta'e. Anummaatu kana fide. Akkamitti jettaa laata?

Ilaa deebiin kunooti! *'Nuclear bomb'iin* jedhan kun kan kalaqame yeroo waraana addunyaa lammaffaa sana ture. Yeroo sana biyyi Jarman garee siyaasaa kan '*Naazii*' jedhamee beekamuun hogganamti turte. Namichi 'Adulf Hitlar' jedhamu ammoo hogganaa 'Naazii Jarman' kana ture. 'Naaziin Jarman' kun gocha hammeenyaa dhala namootaa irratti dalaguusaan beekama ture. 'Hitlar' seenaa keessattis gocha hamaa dhala namootaa irratti dalagaa tureen akka yaadatamu atis quba qabda. Keessumaa namootni sanyiin isaanii 'Jarmanoota' ta'an yeroo sana sanyii namoota addunyaa kanarra jiran akka caalanittis of himaa turan. Ilaalcha anummaatiin guutamanii turan jechuudha.

Haa ta'u malee Jarmanootni yeroos shakkii "sanyiin 'Yihudootaa' nucaaluu malu" jedhus qabu turan. Kanumaan Sanyii *'Yihudootaa (Israa'eloota)'* addunyaa kanarraa mala danda'ameen balleessuuf yaalii gochuu eegalan. Kanas gocha gara jabinaa isa

'Naaziin Jarman' Sanyii Yihudootarraan ga’aa ture sanaan hubachuun ni danda'ama. Gocha sanaan 'Naaziin Jarman' sanyii Yihudoota yeroo sana turan keessaa harka 33% akka dhabamsiisuu danda’etu himama.

Walumaa gala yaaliin garee 'Naaziin' yeroo sana taasifamaa ture akkuma isa ammaa kana addunyaarratti olaantummaa argachuuf ture. Haaluma kanaan Naziin jarman Meeshaa 'atomic bomb' jedhamu tolchee ittiin biyyoota masaanuu fixuuf karoora baafate. Kun ofittummaadha!

Haa ta'u malee iccitiin 'Naazii' kun battaluma Ameerikaa bira ga'e. Ameerikaan yeroo sana lola addunyaa sanarratti hirmaataa hin turre. Haa ta'u malee karoorri 'Naazii' kun badiisa biyyoota masaanuu qofa osoo hin taane biyyuma fedhe ittiin balleessuuf kan dandeessisu ta'uu Ameerikaan hubatte. Kanaafuu gochi 'Naazii' fi garee isaa kun

yeroo booda isheettis galagaluu akka hin oolle ija shakkiin ilaaluu eegalte jechuudha.

Yeroo waraana addunyaa sana Ameerikaan callistee dinagdee fi oomisha garaagaraan of ga'oomsaa turte. Dinagdee fi nageenya ishee akka itti fufsiisuu dandeessuufis qo'annoo fi qorannoo garaa garaa adeemsisaa turte. Kana gochuuf iccitiidhaan qorannoo garaa garaa (the secret research) geggeessaa turte. Keessumaa garee qorannooo iccitii yeroo sanaa keessaa kan maqaa 'Manhathan project 'jedhamuun beekaman gurmeessitee turte. Kanumaan argannoo jajjaboo kan yeroo muddamaaf ishee fayyaduu danda'an hedduu kalaqaa turte. Namootni yeroo jalqabaaf 'neuclar bomb' kalaqanis garee 'Manhathan project 'jedhamu kana jalatti kanneen gurmaa'an turan.

Haaluma kanaan bara 1939 tti *'Fiizistootni*' akka *'Leo Szilard', 'Eugene Wigner',* fi *'Edward Teller'* jedhaman

presidaantii Ameerikaa yeroo sanaa kan ta'e, '*Firaankiliin D. Rooseveltiif'* akeekkachiisa ofeegganoo dhaamanii turan. Akeekkachiisni kunis "gareen *Naazii Jarmanii* dhuka'aa *'atomic bomb'* jedhamu uumuuf karoora akka qabu hubachiisuu ture. Gochi kun gareen qorannoo 'Manhattan Project' jedhamu saffisaan hojiitti akka seenuuf haala mijeesse. Meeshaa 'atomic bomb; jedhamu kana Naazii dura akka kalaqaniif ta'uu isaati.

Haaluma kanaan waxabajjii 16, 1945, yaaliin 'nuclear bombii' inni jalqabaa, kan maqaa 'Trinity' jedhamuun beekamu, bakka naannoo 'Meksiikoo' tti dhiyaatu, 'Alamogordo'tti dhukaafame. Egaa kun yaalii jalqabaa ture. Yaalii jalqabaa kanaan kalaqamuu ‘nuclear bombiitu' mirkanaa'e.

Yaalii jalqabaa kanatti aansuun 'Nuclear bombiin’ ‘elementii 'Yuraaniyeem' jedhamu irraa tolfamee fi maqaa 'a litle boy' jedhuun moggaafame ammoo

yeroo jalqabaaf biyya 'Jaappan' magaalaa '*Hirooshiimaa'* jedhamtutti hagayya 6, 1945 dhukaafame. Kanumaan magaalaan *Hirooshiima*a yeroo sana guutummaatti barbadooftee turte(28).

Kun osooma kanaan jiruu guyyaa sadii booda ammas yeroo lammataaf *'nuclear bombii'* kan *'elementii'* plutooniyem' irraa tolfamee fi moggaasa '*the fat Man,"* jedhamu qabuun ammas biyyuma 'Jaapaan' magaalaa *'Nagaasaakii'* jedhamu irratti dhukaasuun magaalattii barbadeessan. Egaa haala kanaan 'Neuclar boombii' yeroo jalqabaaf biyyi oomishtee lolaaf itti fayyadamte Ameerikaa ta'uu isheeti. Kunis sababa dhiibbaa '*Naazii*' irraa kan ka'e ture. Boodarra garuu '*Jaappaantu'* ittiin miidhame.

Namootni kallattiin ykn alkallattiin kalaqa *'Nucear boombii'* kana keessatti qooda fudhatan kanneen armaan gadiiti: -

1) Albert Einstein: alkallattiin foormulaa(**$E=mc^2$**) kalaquu fi xalayyaa *Naaziin* meeshaa 'atomic *bomb'* jedhamu oomishuuf akka jirtu 'Presidentii' *Fraankliin Rooseveltiif'* barreessuu isaatiin qooda fudhachuu akka malutu ibsama.

2) 'Robert Oppeheimer', 'Enrico Fermi' fi 'Edward Teller': Isaan kunniin ammoo kallattiin namoota 'proojektii' 'Nuclear bombii' kana oomishuu keessatti qooda fudhataniidha. Jarreen kun biyya Ameerikaatti yaalii meeshaa kana oomishuu keessatti kan hirmaatan haa ta'u malee hundi lammii Ameerikaa miti. Fknf Oppenhier lammii biyya Inglaandiiti. Gariin ammoo Lammiilee Ameerikaa fi Kaanaadaati. Maqaan 'Trinity' jedhus kanuma ibsa. Egaa namootni kallattiin meeshicha kalaquu keessatti qooda fudhatan kanneen armaan olitti caqafaman sadeen turan jechuudha.

Wanti nama dhibu garuu namootni dhuka'aan kun akka uumamuuf kallatttiinis ta'e alkallattiin

hirmaannaa taasisan kunniin taatee meeshichaa gaafa argan gadda guddaan liqimfamuu isaaniiti.

Fakkeenyaaf namni' *Robert Openheimer'* jedhamu Uumamuu 'Nuclear bomb' keessatti nama jalqabaa akka ta'etu beekama. Kanaafis " a father of Nuclear bomb "jedhamuun beekama. Ta'us dhumarratti '*Openheimer'* kun gadduu isaarraa kan ka'e jecha: - "Egaa ani kana booda du'a jedhamuu kooti, ani du'a addunyaa balleessun ta'e!" Jedhuun waan kalaqe kanatti akka gaabbetu himama. Gadda kanas tamboo garmalee arsuun ibsachaa ture. Boodarras hiriyyaa dhugaa tamboo aarsuu qofa godhate. Humnaa ol tamboo aarsuun isaa kun yeroo boodas dhibee 'kaanserii' liqimsituu mormaa itti biqilcheen addunyaa kanarraas boqote.

Bifuma walfakkaatuun namootni akkuma isaa kana kalaqoota kalaqanii turan, garuu kalaqni sun akkaataa isaan yaadan hin taane kanneen biroonis

gadduu isaaniitu himama. Fakkeenyaaf, namicha '*Artificial Intelligence (AI)'* fi *'Cybernetics'* kalaqe (*Norbert Weiner)* kalaqa kanaaf gadduu isaa argina.

Namtichi '*dimaameetii'* kalaqe *'Alferd Noble's* gadda isaarraa kan ka'e galii kalaqa kanarraa argatu namoota waan gaarii dalaganiif akka oolu gochuusaa argina.

Namichi dhuka'aa *'haayidroojiin boombii'* jedhamu kalaqe *'Edward Teller'* gadduma walfakkaatu kana ibsachuu isaa argina.

Walumaagala namootni kalaqa armaan olitti caqafamee fi kanneen biroo kalaqan hundi argannoon isaanii namoota miidhuu isaa gaafa argan gadduu isaanii ragaan ni mirkaneessa. Kanarraa kan hubannu tarii jarreen meeshaalee kana kalaqan ittiin namoota miidhuuf akka hin taane hubanna. Kun ammoo

anummaa isaaniin osoo hin taane anummaa namoota naannoosaaniiti.

Yeroo ammaa addunyaa keenya kana keessaa biyyootni sagal (9) Meeshaa waraanaa 'neuclar bomb' jedhamu kana Oomishuurratti argamu. Haa ta'uu malee yeroo jalqabaaf meeshaa kana Ameerikaatu oomishee magaalota 'Jaappaan' lama ittiin barbadeesse. Ergasii Boombiin kun ni oomishama malee waraanaaf fayyadamamaa hin jiran. Garuu biyyootni Oomisha kanatti bobba'an ittiin wal sodaachisu. Kunis sababa dhuka'aa kana yoo dhukaasan rakkoon guddaan addunyaa guutuu mudatuuf ta'uu isaati.

Yoo akka tasaa dhukaafame taatee dhuka'aan kun uumuu malu yoo ilaalle, *'Nuclear bombiin'* akkuma dhuka'aa kanneen biroo bakka dhukaafametti namoota rukutee ajjeesuu, akkasumas gamoos ta'e waantota naannoo sana jiran hunda barbadeessuu

danda'a. Barbadeessuun isaa kun garuu dhuka'aa kanneen biroo dachaa hedduu caala. Annisaan isa keessaa ba'u atoomota kanneen akka *'Yuuraaniyeemii' (Uranium*) fa'a irraa hojjetama. Annisaan kun bakka itti dhukaafamerraa ka'ee walitti fufiinsaan iddoo baayyee barbadeessuu danda'a. Maal kana qofaree, meeshaan 'niiwukilaar' boomb jedhamu kun yeroo dhuka'u gosa callaqqee kanneen 'radioactive radiations' jedhamanis gadi lakkisa. Kan baayyee nama yaaddessus calaqqee dhuka'aa kanaati. Calaqqeen dhuka'aa kanaan uumamu fayyaa namootaa irratti rakkoo guddaa uuma. Dhuka'aan kun radiation calaqqee gosa sadii kanneen *'Aalfaa' Beettaa*' fi *'Gaamaa*' jedhamuun beekaman maddisiisa(29). Calaqqeen kunniin ammoo qaama namaa kamuu seenanii rakkoolee akka jaamina ijaa, dhibee *'kaanserii'f*i qaama hir'uu ta'anii dhalachuu namatti fiduu danda'a.

Calaqqeewwan kunniin akka qaama hin seenneef aguuggii kanneen akka huccuu uffachuu fi gara dhuka'aa ijaan ilaaluu dhabuun hanga tokko ofirraa ittisuun ni danda'ama. Malli Kun garuu yoo calaqqeewwan aalfaa fi beettaa ittiin ofirraa ittisuuf ta'e qofa. Kan nama gaddisiisu garuu calaqqee gamma raadiation jedhamu ofirraa ittisuuf golgaa waantota akka 'liidii' fi 'koonkiriitii' fa'a irraa hojjetamaniin of haguuguu nama gaafata. Kana qofas miti. Dhuka'aan kun haala qilleensa jireenya namootaaf mijitaa ta'es ni jijjiira. Kunis dhukaasa sana booda namootni lubbuun hafan lafarra jiraachuuf akka rakkatan taasisa.

Egaa kanatu Biyyoota dhuka'aa kana oomishaa jiran sodaatamoo isaan taasisaa jira. Gama kanaan ammoo tarii faayidaa anummaan gumaachuu malus kan namatti mullisu ta'uu hubanna.

Egaa faayidaa kanaan walqabateen yeroo ammaa kana biyyootni muraasni dhuka'aa kana hanga danda'an oomishuurratti argamu. Yeroo jalqabaa Ameerikaa qofti uummatttee biyyootni kan biroon akka dhuka'aa kana hin oomishneef qoqqobbii garaa garaa gootus, biyyootni muraasni qoqqobbii Ameerikaa kana jalaa ba'uu danda'anii jiru. Akkasitti biyyootni muraasni dhukaa’aa kana oomishuun of kabachiisaa jiru. Kanneen oomishuuf karooffachaa jiranis hin dhabaman.

Walumaa gala yeroo ammaa kana biyyootni addunyaarraa dhuka'aa kana oomishaa jiran sagal guutanii jiru. Isaanis:- Ameerikaa Kaabaa(USA), Raashiyaa, Chaayinaa, Faransaayi, Inglaand, Indii, Paakistaan, Israa'el, fi Kooriyaa kaabaa fa'i(30). Biyyi isaan kana keessaa tokko balleessuuf yaalii gootu yoo jiraatte, gama biraanis addunyaa kana balleessuuf kan karoorfatte ta'uu malti. Malee biyyoota meeshaa kana harkaa qaban balleessanii ofii jiraachuun waan

yaadamu miti. Tarii bakka kanatti anummaan dallaa ittiin of eegan ta'uu isaati. Mee atimmoo waa'ee anummaa kanaan maal jetta?

BOQONNAA 12

12.1. Namummaa

Akka shif-argaan himutti ilaalchi namummaa ilaalcha isa waaldhabdee furuuf namoota fayyaduudha. Yaaddoo addunyaan amma keessa seentee jirtu kana hanbisuuf furmaatni jirus tokkoo fi tokko qofa. Innis ilaalcha namummaan hanga danda'ametti dhibdee jiru furuuf yaalii nuffii hin qabne taasisuu qofa.

Ilaalcha namummaa kana ibsuuf mee barsiisa amantaalee muraasa haa fayyadamnu. Kanas baarsiisa Kitaaba Qulqulluu kiristaanummaa keessaa:

- "*Nama kan biraa akka ofii keetiitti jaalladhu!" (Mat 22:38);*
- *"Waanuma namni kan biraan akka siif godhu feetu, atis akkasuma isaaf godhi!"(Mat. 7:12);*
- "*Namni waanuma facaase haammata!"(Gal.6:7).*

Kanneen jedhan fakkeenya fudhannee yoo ilaalle; barsiisa kitaaba qulqulluu kanarraa kan hubannu,

xiyyeeffannoon isaa ilaalcha namummaa namoota barsiisuuf kan haajame ta'uu isaati. Kunis, Yoo ofii miidhamuu hin feetu ta'e, atis namoota kan biroo hin miidhin!" Kan jedhu ibsa. Akkasumas ati yoo yakka nama kan biraa irratti dalagde, siinis bifuma walfakkaatuun yakki sirratti akka dalagamuu malu hin dagatin jechuu dabalata. Walumaagala ilaalchi kun yoo namni tokko waanta gaarii, kan namoota biroof yaaduu fi dalagu ta'e, isaafis akkasuma waanti gaariin yaadamee dalagamaaf amantaa jedhu of keessatti qabata. Inumaayyuu waanta dalagderratti dabaltee akka badhaafamtus ni barsiisa kitaabichi.

Gama biraan, amantaa Islaamummaa keessatti caqafamee kan jirus kanuma barsiisa. *Quraanni Qulqulluun* kan ibsu*"...Namoota haqaa fi obsaan jiraatan irraa kan hafe hunduu kasaaraa keessa jiru...!*"Jechuun dhugaa jirtu namootaaf ibsa (*Suura tul Asir*). Dabalataanis yeroo Musliimotni jecha '*Jazaakumulla'* jedhuun nama eebbisan argaa-

dhageettii wayii hin dhabdu jedheetan abdadha. Eeyyen! Jecha *'Jazaakumullaa'* jedhu kanaan 'Muslimotni' nama waan gaarii ykn '*Keeyrii'* dalage tokko eebbisuuf itti fayyadamu. Kunis gabaabinaan yoo ibsamu"gatii kee rabbi siif haa deebisu" akka jechuuti. Kanarraa kan hubannus namni gochuma ofii dalageen rabbi biraa kaffaltii kan argatu ta'uu isaati. Eeyyen akkasuma!

Jechi inni Oromoon "Waanuma olkaa'an olkaa'anii fudhatu" jedhus kanuma ibsa. Maarree egaa namootni barumsa kana osoo hubatanii silaa namni nama miidhuu mitii, ittuu hin aggaamu ture. Namni ilaalcha namummaa kana gonfate Ilaalcha ofittummaan nama balleessee ofii jiraachuuf hin kaatu. Silaa badanii balleessuuf yaaluunis hin jiraatu. Namni akkanaa nama balleessuuf daboos hin kadhatu. Innoo Ilaalcha gaarummaan guutamee ofiis falee, namaa mala. Eeyyen akkasuma! Namni ilaalcha namumaan faayame ofii qofaa duroomuu caalaa waliin misoomuu filata.

Egaa yoo dhugaa kan walitti himnu taate, yeroo ammaa kana namoota akkasii dheebochaa jirti addunyaan kun. Maarree, namni ilaalcha namummaatiin yaadu akka harreetti hin yaadu. Innoo akkuma namaatti yaada. Nama akkasii biratti ilaalchi inni" Ani duunaan margi hin margin" jedhu sun tasuma hin mul'atu.

Ilaa hubadhu! Namni ilaalcha namummaan waa ilaalu, garaagarummaa namoota gidduu jiru furuuf araara filata. Malee tuffiin guutamee, lolee balleessuuf bodee hin harkifatu. Waliin dubbatee dhibdee jiru furuuf malaaf fala dha'ata malee. Ilaalchi namummaa kunoo akkkasitti rakkoo furata. Eeyyee akkasuma! Ilaalcha namummaatu rakkoo jiruuf furmaata waaraa laata. Kanaaf namni ilaalcha namummaa gonfate anummaa baqatee mariin dubbii hanbisuu filata. Isa anummaan guutametti garuu ilaalchi kun sodaa woyii fakkaatee mul'ata.

Adeemsa rakkoo furuu keessatti mariitu furmaata. Osoo maiin jiraatee silaa isatu waldhabdeef hiika danuu laata. Mariin isa dabe qajeelchuuf furmaata. Silaa dogoggora asis, achis jiru beekanii hubatu. Kunoo akkasitti silaa furmaatas walumaan dubbatu.

Rakkoo furuuf ilaalcha anummaa achi gataniitu isa namummaa fudhatanii mariitti dhi'aatu. Silaa akkasitti wal hubatu. Maarree silaa kanumaan dhibee jireenya namaatti gufuu ta'e qotanii awwaalu.

Osoo mari'atanii silaa qabeenyi manca'ee, lubbuun badus hin jiraatu. Silaa dinagdeen kufuun achitti hin mul'atu. Dhaba nageenyaaf silaa, namnis ba'ee gala hin hanqatu. Amma waliin marii kanatu dhibnaan hawaasni rakkoo danuun marfamee jiraata. Kunoo rakkoo akkasii kanafaa maqsuuf mariitu furmaata.

Egaa madda rakkoo sirriitti hubatanii furuuf daran kan barbaachisu marii hawaasa hirmaachisuudha.

Akkasitti anummaa dhiisanii namummaa osoo murteessanii silaa hawaasni hin rakkatu. Hawaasa mariisisnaan lolaa fi oduun lolaa bakka hin argatu. Osoo anummaa dhiisanii hawaasa hirmaachisani silaa uummatni miira abbummaatiin ofkennee rakkoo jiru furuuf malaa fi fala dhahata.

Mariin uummata hirmaachisu rakkoolee bu'uraan jijjiiruu keessatti ga'ee ol-aanaa qaba. Hubannoo fi muuxannoo ga'aan kan argamus yoo uummata keessaa ta'e malee eessaa ba'ee dhalata.

Ilaa hubadhu jaala koo! Hawaasa hirmaachisuu jechuun isa ofittummaan guutamanii kanumti koo qofati haa murteeffamu jedhan sana miti. Ilaalcha ofii qofa bakkaan ga'achuuuf wal ga'ii hawaasa marii fakkeessanii yaasuun, yoo ammas rakkoo jiru finiinsuu ta'e malee marii rakkoo furu hin ta'u. Marii jechuun ilaalcha dhuunfaa ofii uummatti fe'achuu miti. Hawaasa hirmaachisuu jechuun faayidaafi dirqama

waloo hawaasa waliin qooddachuuf mari'achuu jechuudha malee. Kanaafuu uummata wal ga'ii yaasuun hirmaachisuu jechuu miti. Yoo marii dhugaan rakkoo uummatichaa hubatanii isumaa wajjin jijjiirama barbaadamu argamsiisuuf kan yaadame ta'e malee.

Ilaa ammas hubadhu! Uummata dhiitanii kabalaa, qabeenya jalaa saamaa, barbadeessaa, ajjeesaa, hidhaa, doorsisaa, itti roorrisaa, agabuun ajjeesaa, hirmaannaa uummataa argachuun tasuma hin yaadamu. Hirmaannaa uummataa dhabuun ammoo muka ofirratti jigsuudha. Kanaafuu rakkoo furuuf hirmaannaan uummataa daran barbaachisaadha. Walumaa gala hirmaannaa uummataa argachuuf umatichi iftoominaan: -siyaasa, diinagdee, fi aadaa guddisuu keessatti hirmaannaa barbaachisu argachuu qaba. Egaa kana gochuuf ilaalcha namummaatiin uummataaf yaaduutu nama feesisa.

Kunoo akkasitti tumsa uummataa argatanii isumaa wajjin rakkoo jiru furuufis furmaata argatu.

Yaa jaalakoo! Mee gaaffiin sigaafadha! Osoo kaatee ati bulchaa taanaan, akka tasaa mormiin woyii simudatee silaa akkamitti namootaa wajjin waldhabdee jiru furuuf yaalta? Deebii kee situ beeka. Garuu mee adeemsa ittiin mormii simudate sana furuuf yaalte, ulaagaalee kanneen armaan gaditti ibsaman keessatti madaaluun of ilaali.

Mormii fi rakkoo siyaasaa furuuf ulaagaalee guutamuu qaban keessaa muraasni: -

1) Hawaasni siyaasa keerraa fayyadamaa malee miidhamaa ta'uu hin qabu. Hubadhu! Uummatarraa kana ati tumsa argachuu maltu, yoo faayidaa fi dirqama walqixatti akka inni qooddatu taasiste qofa. Garuu yoo faayidaa dhorkitee, dararaa qofa badhaasuuf goyyomsaan kan jejjee saaddu ta’e, tarii

situ ofii gowwomuu mala. Namni saadoo qofaan walii galtee sii wajjin uumu waan jiru hin fakkaatu. Jechaa fi gochi kee wal fakkaachuu dhabnaan, silaa maaltu si amana. "Biddeen nama quubsu eeleerratti beeku" jedhu. Mitiiree?

2)Diinagdeen uummatichaa akka guddatuuf tumsuutu sirraa eegama:

Uummanni ati tumsaaf hirmaannaa kadhattu kan tole sii jedhu yoo siyaasni kee guddina diinagdee uummatichaa kan tumsu ta'e qofa. Qabeenyi uummataa bulchiinsa kee jalatti kabajaa fi guddina itti fufiinsa qabu argannaan uummatni sii wajjin walii galtee uumuun isaa ifa galaadha. Kunis yoo uummatichi sirnaan: daldalee, baratee, qotatee, dalagee, akka naannoottis ta'u akka biyyoolessaatti dorgomaa ta'uuf mirga guutuu fi carraa argate qofa mirkanaa'a. Kanaan ala uummata dinagdeen kuffisaa

hirmaannaa kadhachuun of sossobuudha. Ofis sobuu dabalata.

3) Aadaan sabichaa akka guddatuuf tumsa barbaachisaa gochuutu sirraa eegama:

Hubadhu! Aadaa saba tokkoo giddisuu jechuun kanneen akka: Sirna afaanii, sirna amantaa, sirna bulchiinsaa fa'a of keessatti qabata. Aadaa uummataa yoo jennu ammoo aadaa abbummaan isaa uummaticha qofa ta'eedha. Eeyyen! Aadaa uummataa guddisuuf uummatni abbummaan hirmaannaa inni taasisu keessatti gama barbaachisu hundaan tumsuutu sirraa eegama. Hubadhu! Guddina aaddaa uummatichaa tumsuu jechuunis namoota beekumsaan hin bilchaannee fi 'Kaabinee/Kaadiree' kanneen jedhan sana qofa hirmaachisuu jechuus miti. Ogeeyyii dhimma kanarratti quuqamaan qorannoo fi qo'annoo nuffii malee adeemsisaa jiranii fi turan bifa

bilisaa fi iftoomina qabuun hirmaachisuu jechuudha malee.

Qorannoo fi qoa'nnoo ogiiyyiin adeemsisan kunis osoo hojiirra hin oolfamin dura uummatichaanis gulaalamuu qaba. Namnumti ani ogeessa ofiin jedheefis qorannoon inni dhiyyessu yeroo hunda dhugaa ta'uu dhabuu mala jechuu kooti.

Akkuma beekamu aadaan uummataa aadaa kan biraan dhugamuu mala. Kanaaf jecha namni aadaa guddisuuf dhama'us aadaa guddisuuf haajame sana garamitti guddisuuf akka deemus ija shakkiin ilaaluun gadhee miti. Namni aadaa uummata isa gamaan guddate aadaa uummata isa gamanaa guddisuuf ni rakkata. Namni quuqamaa fi tattaaffii aadaa guddisuu yoo kan qabu ta'es aadaa isa ofii ittiin hin guddanne guddisuun xiqqoo itti ulfaachuu hin oolu. Aadaa guddisuuf yaadame tokko aadaa kan biraa wajjin wal dhugsiisuun aadicha guddisuu osoo hin taane

gara biraatti maqsuuf yaaluudha. Gocha akkanaa kanarraa of qusannaan silaa tumsa uummatichaa argatu.

Walumaa gala tumsi kan argamu yoo akkuma ofiif waa hawwan sanatti namoota biroofis akkasuma akka ta'u hawwan qofa malee salphaatti miti. Egaa akkasitti waliif yaaduu kanatu namummaadha.

BOQONNAA 13

13.1. Kiyyoo

Nuti dur namni kiyyoodhaan bineensa adamsee soorachuu beekna. Qurxummiifaa bishaan keessaa baasanii soorachuuf kiyyoo kiyyeessu. Inni ammaa garuu akkas miti. Bifa jijjiirrachuu hin oolle.

Yeroo ammaa kiyyoon hiika biraa waan argate fakkaata. Namni inni dur bineensa adamsee nyaatee wal nyaachisaa ture, harra namuma akkasaatii bineensa godhee adamsuutti fuula qajeelfatee jira. Egaa kun maraatummaa haa ta'uu, abshaalummaa? Ani mooji malee, dhugaan jiru garuu, namni kiyoo kaa'ee ittiiin wal admsaa jiraachuu nutti mul'isa. Kanarraa kan hubannu, ofittummaan namoota gidduutti daran kan dagaage ta'uu isaati.

Ofittoo ta'uun namootaa kun kunoo amma sirriitti ifee mullachuu eegalee jira. Namni maaltu isa

mudannaan namummaa keessaa akka ba'e anaaf ifa miti. Garuu namni ilaalcha anummaatiin liqimfamee ilaalcha nanummaa dagachuu kan hin oole ta’uun hubadha. Maalumaafuu namni namummaa dagatee waan jiru fakkaata. Kun dhukkuba guddaadha! Dhageettiifis hin tolu! Haa ta'uutii garuu furmaatni dhibee kanaa kan argamu, yoo namni hundi ilaalcha namummaa gabbisuutti of duuba deebi'e qofa ta'uun hubadha. Ta'uu baannaan namni kiyyootti naqee wal fixuun isaa waan oola qabu miti. Keessumaa dhaloota ammaa kanarratti kiyyoon diriirfamee jiru danuudha. Kana mirkaneessuuf 'teknooloojii' jennu kanatu ragaadha.

Erga 'tekinooloojiin' guddatee amma akka durii qabeenya saamuuf bosona seenuu nama hin gaafatu. Akka yeroo duraa sana maallaqnis saanduqa woyii keessaatti kuufamaa hin jiru. Namni maallqa korojootti naqatee deemuun hafnaan bifa ‘dijitaalaan’ qarshii bilbilarratti kuufatee deema. Ani kana qeequu

koo miti. Garuu yoo teknooloojii kanatti sirnaan hin fayyadamnu ta'e kiyyoo gama kanaan diriirfamee jiru keessatti kufnee of arguun keenya waan oola qabu mitiifan jedhe malee. Yoo bu'aa fi miidhaa 'tekinooloojii' hubannee itti hin fayyadamnu ta’e, hattootaaf galaa ta'uun keenya hin oolu. Kun dubbiii laayyoo miti!

Yeroo ammaa kana biyyootni ‘teknooloojii’ kalaqan dhimma danuuf itti fayyadamu. Fakkeenyaaf nuti bilbila isaan irraa bitannee dhuunfaan itti fayyadamna. Garuu bilbilicha nuti erga bitannee nu qofti waan itti fayyadamnu nutti fakkaata. Garuu akkas miti. Isaan yoo fedhan bilbila ati bitattee harkaa qabdu kanaan maal akkati dalagdu, achi keessaattis maal akkati kuufattee qabdu fa'a achi biyyasanii ta'anii asitti si caqasuu malu. Wanti ati bilbilicha keessatti kuufatte qabdu sunis qaalii taanaan battaluma sijalaa fudhachuufi dhiisuun mirgasaaniiti. Kana gochuuf mala hedduu qabu.

Waa'ee odeeffannoo jechoota '*hackers*', akkasumas *'cyber attack'* jedhamanii kana argaa dhageettii woyii hin dhabdu jedheetan abdadha(31). Egaa nutis amma kiyyoo gama kanaan diriifamaman waliin ilaaluuf deemna. Ijoon dubbii keenyaas dhimmootuma kanaan kan walitti hidhatuudha.

Namootni tekinooloojiidhaan kiyyoo diriirsan yeroo baayyee tooftaa kanneen akka: 'Fishing/phishing'fi 'Smishing' jedhamutti fayyadamu (32, 33).

Fishing jechuun tooftaa kiyyoo qurxummii ittiin qaban ta'uu ibsa. Kunis kuufama bilbila kee keessa jiru argachuuf mala woyii siif diriirsu. Malli kunis isuma dhalootni ammaa kun bilbilaan maallaqa arganna jedhee '*tap tap*, *share share*, *like like...* ' gochaa ooludha. Akkasiti jarri ofii duroomanii nuun daarsuuf kiyyoo kana diriirsu. Waantichi gargaarsa fakkaata. Mala *tekinooloojiitiin* salphaatti qarshii argachuu akka dandeenyuuf gumaacha woyii waan

nuuf gumaachanis fakkeessuun eegalu. Garuu gadi fageenyaan yoo ilaaltu waantichi kiyyoo ta'usaa hubatta.

Kiyyoon haala kanaan adeemsifamu qabeenya nama dhuunfaa bira darbee dinagdee biyyaa kuffisuuf humna guddaa kan qabuudha. Tooftaa lolaa keessaas kun isa tokko ta'ee beekama. Diinagdee biyyaa kuffisuuf maallaqa biyyi tokko 'baankii' keessatti kuufattee qabdu haala kanaan salphaatti jalaa golgoleessuu danda'u. Kunis *'Cybe attack'* isa jedhan sana ta'uusaati. Biyya fedhan keessatti mala kanaan diinagdee kuffisuufi jireenya qaalessuun isaaniif salphaadha. Keessumaa biyya lammileenshee dhimma kana gadi fageenyaan quba hin qabne keessatti balaa qaqqabsiisuun isaaniif salphaadha. Dhimmi kun akka dhaabannee of ilaaluu qabnus nu akeeka!

Haala ammaa argamuun dhalootni biyya keenyaa kun dhimma kana gadi fageenyaan waan quba qabu hin fakkaatu. Kanas isuma dhalootni har'aa kun waanuma itti fakkeessan hunda dhugaa se'u sanaan mirkaneeffachuu dandeenya. Eeyyen! Isa jarri bifa 'crypto currency' *isa jedhan sanaan 'tab tab'* godhii qarshii argadhu! Maal maal jedhan sana faa gaarummaa woyii se'ee, yeroonni quba shananiin bilbila reebaa oolu namuu waanuma taajjabuudha. Garuu waantichi ergama abjuu isa '*Crypto Currency*' jedhan sana dhugaa gochuuti(34). Gariin ammoo sanas fakkeessee kuusaa qabeenya bilbila keessa jiru ittiin sakatta'uufis ta'uu mala.

Dhooltni asii kun dammaqee akkuma jaraa kalaqa walfakkaatu kalaquuf ammatti dandeettiif tooftaa waan of harkaa qabu hin fakkaatu. Osoo ta'ee silaa ergama jaraa faayidaa godhee qubaa dhukkubaa hin oolu ture. Tooftaa dhabnaan akkasitti jaraaf garba ta'ee ergamaa oola. Akkasitti garba ta'ee ergamaa

akka jiru garuu hin hubanne dhalootni keenya ammaa kun. Ta'us garuu' tap tap, like like share share' gochuun ergama jaraa raawwachuutti jira. Haala kanaan jaraaf ergamaa ta'uun ammoo jecha isa' *smishing*' jedhan sana kan ibsu ta'uusaati. Egaa, nuti doofummaa keessaa baanee akka hin xumurres ni mullisa haalli keenya kuni.

Waanuma abbaan fedhe faayidaa fakkeessee as nutti darbaa oolu hunda '*share* fi *liken'* wal harkaa fuunee yoo itti sirbaa oolla ta'e, mee qaroomina keenya garamitti haa hiikkannu? Maalumaafuu *"there is no free lunch"* isa jedhan sana dagachuu hin qabnu. Eeyyen! Laaqanni tolaan akka hin jirre xiinxaluuf beekaa ta'uu nama hin gaafatu. Kanuma!

BOQONNAA 14

14.1. Gudunfaa

Shif-argaa kana jalaa maaltu dhokate. Dhoksaa asii fi achi, jalaafi irra, akkasumas keessaa fi ala jiru hunda isatu argee hubate. Isumatu kan argee hubate kana hundas iccitiin himee nutti mul'ise. Shif-argaan qaalluudha! Eeyyen inni beekaadha. Beekaa isa namoota keessaa kan akka *Aannoo* fa'i. Isuma akka 'Noster *Damus'* namicha jedhanii sana dhoksaa amma jiruu fi kan sichi jiraatu hunda argee hima.

Namni shif-argaa bira oole akkumasaatti ilaalee isa fagoo fi dhihoo jiru arga. Kan argee dhaga'u hundayyuu hubatee ittiin jireenya mudaa malee jiraata. Tooftaa fi iccitii ittiin rakkoo jireenyaa miliqan isatu dhalootaaf hima.

Akka Shif-argaan argee himutti iccitii jiru beekanii hubachuun fala. Iccitii ofii ammoo addababa'iitti

mullisuun aadmale. Kunis sababa iccitiin yoo beekame tooftaan hatamee, nageenyi goolamee, qabeenyi saamamuun, nageenyi dhuunfaafi kan biyyaa ugguramee, jireenyi rakkoon ulfaa'ee du'a lakkuu dhaluuf ta'uu hima. Kanumaaf jecha shif-argaan iccitii dhuunfaa fi kan waloo akka nuti jabeessinee eeggachuu qabnu dhaama.

Maal kana qofa, hawwaasni iccitii akka jiruu fi iccitichis iccitii akkuma ta'etti hafee addunyaaf ifa ta'uu kan dhabe biyyoota dinagdeen guddatan keessa dhokatee jiraachuus isumatu nu warra iccitii facaasee jireenyatti dhibee danuu biqilchutti hime. Iccitiin kunis tooftaa biyyootni dureeyyiin ittiin duroomanii, misooman akka ta'es guca itti ibsee dhaloota isa faana oolanitti mullise. Kanumatu Shifargaan kun raajii ta'uu akka hin oolles nutti ibse.

Shif-argaan raajiidha. Eeyyen akkasuma! Sanuu raajii isa hiika danuu qabuudha. Maarree, inni yoo fedhe

akka raajii isa *'X ray'* jedhan sanatti dhibee garaa keessa dhokatee jiru argee mul'isa. Yoo fedhes akka isa 'teeleskoppii' jedhan sanatti lafa kuunnoo samii keessa jirtu fidee asuma fakkeessa. Feedhu ammoo akka 'maayikirooskoppii' isa jedhan sanatti ilbiisota argaa ija namaa dhokatan guddisee mul'isa. Yoo fedhes waan amma hin jirre garuu fuulduratti jiraachuuf malu raageetu ibsa.

Shif-argaan iccitii jiru hunda ungulaalee habaqii fi ija minaanii addaan baasuu akka malan dhaloota barsiisa. Akkasumatti dhaloota isa faana oolmaa tolfatan hundatti waa mara himee, qubas itti qabee akeekee hubachiisa. Kanumaan argaa danqametti guca ibsa.

Shif-argaa maaltu dhokate? Tooftaa jireenyaa moo, Iccitii tekinooloojiiti? Sababa rakkoo isa amma kana moo, Kan sichi dhufuuti? Moo waa'ee 'nuclear bombii

fi biological war' isa jedhan sanaati? Mee waanumti inni argee himuu dhabe maali?

Waa'ee iccitiifi tooftaa jireenyaa shif-argaatu hime. Tooftaa isa jireenya misoomsee fedhummoo gadachu. Tooftaa jireenya hongeessee yoo fedhe bishaan jala yaasu. Nuti isumaan argine, isatu nutti hime. Iccitii isa namoota duroomsee fedhus hiyyoomsu sana duuba tooftaan bifa danuu uffate jiraachuu rajiin dhaloota barsiise eenyuree kan shif-argaan alaa?

Akaakuu xiinxalaa fi akkamitti akka xiinxalamu kan dhaloota barsiisuuf haajame, sababa malee miti. Sabdaneessummaa keessatti kabajni waloofi safuu eeggate jiraachuu akka qabu barsiisuu yaadeeti. Maarree, isuma "waldanda'uu" jedhanii maqaaa qofa waamaa oolan sanadha. Isuma maqaa qofa waamuu hanbiseetu, ilaalcha namummaatin ilaalanii namoota biroo waliin jiraachuu akka qaban dhalootaa barsiisa. Kun ta'uu baannaan waldhabdeen akkuma jirutti

daran si'oomee kan finiinu ta'uus gadi fageenyaan ibsa.

Bu'aa fi mudaa tekinooloojiin gumaachu beekanii itti fayyadamuu yookaan dhiisuu akka malaniif hubannoo qabu madda garaa garaa irraa fidee waliin madaaluun ibsee dhaloota hubachiise.

Yoo dhalootni maqsu jiraachuudhaa baate, barri dhumaa dhufuuf, kunoo as dhiyoo jiraachuu isatu argee hime. Kunis sababa anummaan dagaageef ta'uu ballinaan kaasee ibse. Rakkoo kanas hanbisuuf furmaatni jirus yoo dhalootni ilaalcha anummaa hanbisee ilaalcha namummaa gonfate ta'uu kunoo isatu nutti hime.

Dhibdee jiru furuun kan danda'amu yoo jaarsummaa taa'anii mirgaa fi dirqama wal qixa qooddachuuf maree godhatan qofa akka ta'e jala muree dubbata shif-argaan. Ta'uu baannaan anummaatu ofittummaa dhalee jireenya silaa misoomuu qabu lolaa fi oduu

lolaan barbadaa ka'a kan jedhee raajii hime kunoo isuma.

Tooftaa isa tekinooloojiin ittiin jireenya fooyyessuuf yaale sana gara *'nuclear boombii'* fi *'biological war'* moo maal? jedhan sanaan badiisi akka dhufu kan himee mullise shif-argaa malee eenyu kan biraa?

Egaa waan shif-argaan hime yoo suuta dubbisanii caqasan malee himamee hin dhumu. Garuu gabaabumatti yeroo ammaa addunyaa kanarra kiyyoo roga danuu qabutu kaa'amee jireenya dhalootaa ittiin gadachuuf adamoo ba'e jira jechuun goolaba. Anis tooftaa fi iccitii beekanii Kiyyoo isa jireenya namaa adamsuuf adamoo ba'ee jiru kana miliquun dhaloota shif-argaa dubbiseef irra salphata jedheetan dhaamsan qabu himee dubbii shif-argaas asumatti goolaba. Siinimmoo: Ulfaadhu! Ol lati! Qaroo sabaa ta'i! Ilaalii fagootti argi! Jedheetan onnee koorraa fudhee si'eebbisee xumura. Egaa jedhi nagaatti!

BOQONNAA 15

15.1. Madda Wabii

1. Gottfried RS. Black death: Simon and Schuster; 2010.
2. Vallenet D, Calteau A, Dubois M, Amours P, Bazin A, Beuvin M, et al. MicroScope: an integrated platform for the annotation and exploration of microbial gene functions through genomic, pangenomic and metabolic comparative analysis. Nucleic acids research. 2020;48(D1):D579-D89.
3. Panagiotou G, van Wijnen R. The “telescopic observations” framework: An attainable strategic tool. Marketing Intelligence & Planning. 2005;23(2):155-71.
4. Tenny S, Brannan JM, Brannan GD. Qualitative study. 2017.
5. Szerszynski B. Technology, performance and life itself: Hannah Arendt and the fate of nature. The Sociological Review. 2003;51(2_suppl):203-18.
6. Blasi J. Chapter Five. The Secret And The Secret Society. Sociology: Inquiries into the construction of social forms: Brill; 2009. p. 307-62.
7. Patiño Moncada CY. The meaning of 666: an exegetical analysis of Revelation 13: 18. 2014.
8. Laos N. The Meaning of Being Illuminati: Cambridge Scholars Publishing; 2019.
9. Groueff S, Lapp RE. Manhattan Project: The untold story of the making of the atomic bomb. Physics Today. 1967;20(8):59-.

10. Reed BC. Resource letter MP-3: The Manhattan project and related nuclear research. American Journal of Physics. 2016;84(10):734-45.
11. McDonald JE. Unidentified Flying Objects: Greatest Scientific Problem of Our Times: Pittsburgh Subcommittee, National Investigations Committee on Aerial Phenomena; 1967.
12. Miller S. The Book of Angels: Seen and Unseen: Cambridge Scholars Publishing; 2019.
13. Baynes L. Enoch and Jubilees in the Canon of the Ethiopian Orthodox Church. A Teacher for All Generations (2 vols): Brill; 2012. p. 799-818.
14. Gemeda AB, Rajani K. Indigenous religion and being human: The case of 'Waaqeffannaa'religion of the Oromo people. International Journal of Academic Research and Development. 2018;3(2):566-74.
15. Zhang K, Li D, Chang K, Zhang K, Li D. Electromagnetic theory for microwaves and optoelectronics: Springer; 1998.
16. Frischknecht F. The history of biological warfare: Human experimentation, modern nightmares and lone madmen in the twentieth century. EMBO reports. 2003;4(S1):S47-S52.
17. Bruno LA. The bequest of the nuclear battlefield: Science, nature, and the atom during the first decade of the Cold War. Historical Studies in the Physical and Biological Sciences. 2003;33(2):237-60.
18. Ali MAIZ, Ibn MA. Signs of Qiyamah: Islamic Book Service; 2011.
19. Leslie J. The End of the World: the science and ethics of human extinction: Routledge; 2002.

20. Hoffmann B. The strange story of the quantum: an account for the general reader of the growth of the ideas underlying our present atomic knowledge: Courier Corporation; 1959.
21. Ali MAIZ, Ibn MA. Signs of Qiyamah: Islamic Book Service; 2011.
22. Leslie J. The End of the World: the science and ethics of human extinction: Routledge; 2002.
23. Hoffmann B. The strange story of the quantum: an account for the general reader of the growth of the ideas underlying our present atomic knowledge: Courier Corporation; 1959.
24. Sjøli JN. The BRICS: An alliance for peace? A study of discourses in Brazil, India, China and South Africa around the Russian War in Ukraine (2014-2023): University of Agder; 2023.
25. Ivanov ID. Transforming NATO: new allies, missions, and capabilities: Lexington books; 2011.
26. JAZIĆ A. NEW BALANCE IN INTERNATIONAL RELATIONS: DEVELOPMENT OF BRICS ALLIANCE.
27. Iklé FC. The nether world of nuclear megatonnage. Bulletin of the Atomic Scientists. 1975;31(1):20-4.
28. Mangi J. The First Atomic Bomb: An Alternate History of the Ending of WW2: Frontline Books; 2022.
29. Siegbahn K. Alpha-, beta-and gamma-ray spectroscopy: Elsevier; 2012.
30. Debs A, Monteiro NP. Nuclear politics: Cambridge University Press; 2017.
31. Kumar S, Agarwal D. Hacking attacks, methods, techniques and their protection measures. International

Journal of Advance Research in Computer Science and Management. 2018;4(4):2253-7.
32. Musa H, Modi B, Adamu IA, Aminu AA, Adamu H, Ajiya Y. AComparative analysis of different feature set on the performance of different algorithms in phishing website detection. International Journal of Artificial Intelligence and Applications (IJAIA). 2019;10(3).
33. Balim C, Gunal ES, editors. Automatic detection of smishing attacks by machine learning methods. 2019 1st International Informatics and Software Engineering Conference (UBMYK); 2019: IEEE.
34. Fauzi MA, Paiman N, Othman Z. Bitcoin and cryptocurrency: Challenges, opportunities and future works. The Journal of Asian Finance, Economics and Business. 2020;7(8):695-704.